

XIINXALA ITTI FAYYADAMA MADAALLII WALITTI FUFAA BARSIISOTA AFAAN OROMOO KUTAA 9-12 MANA BARUMSAA BOOJII DIRMAJII: XIYYEFFANNOON DANDEETTII BARREESSUU

MULUGEETAA UUMMATAATIIIN

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN QOPHAA`E YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAIFI HIYUUMAANIITIIN MUUMMEE BARNOOTAAFAAN OROMOOFIOGBARRUUF DHIYAATE.

ADOOLEESSA 2014
JIMMAA OROMIYAA

XIINXALA ITTI FAYYADAMA MADAALLII WALITTI FUFAA BARSIISOTA AFAAN OROMOO KUTAA 9-12 MANA BARUMSAA BOOJII DIRMAJII: XIYYEFFANNOON DANDEETTII BARREESSUU

QORATAAN:MULUGEETAA UUMMATAA

GORSaan:ALAMAAYYOO FAQAdee (PHD)

GARGAARAA GORSaan:

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN QOPHAA`E YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAIFI HIYUUMAANIITIIN MUUMMEE BARNOOTAAFAAN OROMOOFIOGBARRUUF DHIYAATE.

ADOOLEESSA 2014

JIMMAA OROMIYAA

Ibsa

YUNIVARSIITII JIMMAA

DHAABBATA QORANNOO DIGIRIIN BOODAA

Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa Afaan Oromoo,ogbarruun guttachuuf Mulugeetaa uummataa mata-duree”Xiinxala itti fayyadama madaallii walitt fufaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumsaa boojjii Dirmajii: xiyyeffannoonDandeettii barreessuu” jedu irrti sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa`e guuteera.

Maqaa Mulugeetaa Uummataa

Mallatoo -----

Guyyaa -----

Gorsaa: Alamaayyoo Faqadee (PHD)

Mallatoo -----

Guyyaa -----

Gorsaa gargaaraa Cimdii Waaqumaa (PIROF)

Mallatoo -----

Guyyaa -----

Qoraa keessaa Taayyee Guddataa (PHD)

Mallatoo-----

Guyyaa -----

Qoraa alaa Daani`eel Lammeessaa (PHD)

Mallatoo -----

Guyyaa -----

Galata

Hojiikoo jalqabaa kaasee hanga ammaatti kan na wajjin ta`e Waaqayyoon guddaan galateeffadha. Qorannoo kana wixineerraa kaasee hanga ammaatti nuffii tokko malee na cina dhaabbachuun na qajeelchaa kan turan Dookter Alamaayyoo Faqadee baayyeen galateeffadha. Itti aannsuun barreffama qorannoo kanaa si`an qopheessu, yaadaafi meeshaalee barreffamaan kanna deegeraa ture barsiisaa Firoomsaa Kabbadeef galannikoo guddaadha. Akkasumas, barnootakoo jalqaba irraa kaassee hanga ammaatti deeggersa yaadaafi maallaqaan na bukkee dhaabachaa kan turte haadha warraakoo barsiistuu Xajjituu Tafarraa baayyeen galateeffadha. Dabalataanis, barsiisotaafi barattoota ani gaaffii qorannoo dhiyesseef, fedhii isaaniin yaada naaf laachuu isaaniitiif guddaan isaan galateeffadha.

Axareeraa

Kaayyooon qorannichaa itti fayyadama madaallii walitti fufaa barsiisata Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barrumsaa Boojjii Diramajii: xiyyeefannoон dandeettii barreessuu xiinxaluudha. Adeemsa madallii walitti fufaan dandeettii barreessuu barattota barsiisuuf attamittiin akka karoorfatanii jiraniifi isa karoorfatan attamittiin akka hojiirra oolchan adda baasuudha, Akkasumas, adeemsa barreessuu keessatti hnqina barattooni mul`isaniif, duub-deebii attamii akka laatan adda baasuudha, kana malees, adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu akka hin barsiifneef wantoonni danqaa isaanitti ta`an maalfaa akka ta`an adda baasuudha. Qorannichaaf wanti ka'umusa ta'e hanqina itti fayyadama madaallii walitti fufaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa kanneenii dandeetti barreessuuratti xiyyeefate adda baasuun haniqnaale mul'ataniif furmaata kaa'uuf, madaallii kanatti fayyadamuu dadhabuun, dhiibbaa inni dandeettii barreessuu keessatti uumuu danda`u adda baasuudha. Qorataan hanqinoota itti fayyadama madaallii walitifufaan dandeettii barreessuu barsiisuu, addaan baasee yaada furmaataa kennuuf immoo gosa qorannoo keessaa, qorannoo ibsaafi sakatta` insaa dhimm ba'ee jira. Akkasumas, barsiisotaa fi barattoota mana barumsichaa akka iddattootti, malaa iddatteessuu kaayyeffanaatiin filatee jiru. Meeshaale odeffannoон ittiin funaaname, daawwanna, sakatta`iinsa dookimentii, af-gaaffii barsiisotaafi barattootaan argame mala akkamataatiin qaaccesseera. Akka ragaaleen qaacceffaman mullisanitti itti fayyadama madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu barsiisuuf amma tokko karoorti gaariin jiraatus, hanqinnis, mul'atee jira. Kunis hanqina, isaa karoorfame hojiitti hiikuu dadhabuu, barataa hunda haala wal fakkaatuun sakatta`uu dadhabuun mul`ateera. Kana malees, hanqina mul`ateef duub-deebii ga`aa kennuun akka hinjirre hubatameera. Hooggantoota manneen barnootaa birattis hanqinni ni mul`ata. Sababni isaas barattooni daree keessatti akka hin baayyanneef haala mijeessuu danda`u turan. Waluumaagalatti argannoo qorannoo kanaa irraa ka'uun barsiisonni sadarkaa kanarraa barsiisan dandeettii barattooni brreessuurratti qaban fooyyessuuf madaallii walitti fufaan sakatta`aa adeemuun isaan irraa eegama. Kana malees supperviizeroonniifi hooggantoonni manneen barnootaa, barsiisata hundaaf hubannoo walfakanataa uumuufii, muuxannoo waljijiirraaf haala mijeessuufi leenjii hojiirraalaachuufii akka furmaataatti kaa'eera.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Galata	i
Axareeraa	ii
BOQONNAA TOKKOO: SEENSA.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa	1
1.2 ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3.Kaayyoowwan Qorannichaa	6
1.3.1.Kaayyoo Gooroo.....	6
1.3.2.Kaayyoo Gooree	6
1.4. Daangaa Qorannichaa	6
1.5. Hanqina Qorannichaa.....	8
1.6.Qidoomina qorannichaa	9
1.7.Barbaachisummaa Qorannichaa.....	Error! Bookmark not defined.
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII.....	10
2.1 Aafaan Barsiisu	10
2.1.1. Dandeetiiwwan Afaanii.....	10
2.1.1.1. Dandeettii Barreessuu (Writing skill).....	11
2.1.2. Sababa Barreessuun Barbaachiseef	13
2.1.3. Qabxiilee Dandeettii Barreessuu Fooyyessan	13
2.1.4. Amala Barreeffama Gaarii.....	14
2.1.4.2. Barreeffamni Gaariin Jijiirama Of Keessaa Qaba/A good writing envolves change/.....	15
2.1.4.3. Barreeffamni Gaariin Yaada Ifa Ta`een Ergaa Dabarsa.....	15
2.1.4.4. Barreeffamni Gaariin Dubbistoota Isaarratti Xiyyeeffata	15
2.1.4.5. Barreeffamni Gaariin Kaayyoo Galmaan Ga`a	15
2.1.5. Barreessuu Akka Adeemsatti (Writing As Aprocess)	15
2.1.6. Akkaataa Afaan Barreessuun Itti Barsiifamu	16
2.1.6.1. Sadarkaa ^{2^{ffa}}	16
2.2. Maalummaa Madaalii.....	16

2.2.1. Gosoota madaallii	17
2.2.2. Maalummaa madaallii Wlitti Fufaa	17
2.2.3. Adeemsa Madaallii Walitti Fufaan Dandeettii Barreessuu Barsiisuu	18
2.2.4. Faayidaa Madaallii Walitti Fufaa Dandeetti Barreessuu Barsiisuu Irratti.....	19
2.2.5. Tooftaalee Madaallii walitti Fufaa	20
2.2.5.1. Poortifooliyoo.....	20
2.2.5.2. Pirojeektii.....	21
2.2.5.3. Abbaltii	21
2.2.5.4. Qormaata Barreffamaa.....	21
2.2.5.5. Gabaasa Afaniin dhiyaatu	21
2.2.6. Ga`ee Barsiisaa Madaallii Walitti Fufaa Keessatti	22
2.2.6.1. Madaallii Walitti Fufaa Karoorsuu	22
2.2.6.2. Qabxii Madaallii Galmeessuu	22
2.2.6.3 Duub-deebii Kennuu.....	23
2.2.7. Barbaachisummaa madaallii walitti fufaa	23
2.3. Yaadiddama Haala Dhi'eenyaa.....	23
2.4. Sakatta'a Qorannoown Walfakkii	24
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAAC	26
3.1. seensa	26
3.2. Saxaxa Qorannichaa.....	26
3.3. Malleen Qorannichaa	27
3.4. Madda Ragaalee	27
3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu	27
3.5.1. Daawwanna.....	28
3.5.2. Af-gaaffii	28
3.5.3. Dookimentii sakatta`uu.....	28
3.6. Iddattoofi mala Iddatteessuu	29
3.6.1. Iddatoo mana barumsaa.....	29
3.6.2. Iddatoo Barattootaa	30
3.6.3. Iddatoo Barsiisotaa.....	31
3.7. Mala Ragaan Ittiin Qaacceffaman.....	31

BOQONNAA: AFURI XIIXALA RAGAA.....	32
4.1.Seensa.....	32
4.2. Qaaccessaafi Ibsa Daawwannaar Daree	32
4.2.1. Qaaccessaafi Ibsa Gama Mataduree filacuufi Karoorsuu.....	33
4.2.2. Qaccessaafi Ibsa Gama Mataduree Karoorffame Hojiirra Oolchuu.....	34
4.2.3. Qaaccessaafi Ibsa Gama Duub-deebii Kennuun Mul`atu.....	36
4.2.4. Qaaccessaafi Ibsa Adeemsa Madaallii Walitti Fufaan Dandeettii Barreessuu Daree keessatti Akka Hin Barsiifneef Wantoota Danqaa Ta`an	37
4.3.Qaaccessaafi Ibsa Deebii Af-gaaffii Barsiisotaaa	38
4.4. Qaaccessaafi Ibsa Debii Af-gaaffii Barattootaa	39
4.5. Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee Sakatta`iinsa Dookimentii.....	42
5.BEQONNAA SHAN: GOOLABAIFI YAADA FURMAATAA.....	44
5.1. Goolaba	44
5.2 Yaada Furmaataa.....	45
Wabiilee	47
Dabaalee ‘A’	50
Dabalee B.....	51
Dalee C.....	52
Dabalee D.....	56

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan baarsiisuu jechuun akkasumatti barsiisaan tokko daree galee meeshaalee afaanicha ittiin barsiisuuf qophaa'een barumsa dabarsuu qofa mitii. Afaan barsiisuun beekmsa hedduu kan gaafaatudha. Barumi afaanii yoo xiqaate beekumsawwan gurguddoo lama bu'ureeffata. Isaanis qo'anno afaaniifi yaadiddama barachuuti. Qo'anno afaanii yemmu jedhamu, qo'anno xinqooqaa jechuudha. Xinqooqni qabiyyee afaan tokkoo qo'atee lafa kaa'a. Inni kun immo, akka qabiyyeetti barumsa afaanii keessatti kan dhiyaatuudha. Gama biraan yaadiddamni barachuu immoo, beekumsa xiinsammuufi barumsa waliin kan walqabatuudha. Barnoota afaanii keessatti immoo, qiyeen barbaachisaan kan argamu xinqooqaan wanta qo'atamee lafa ka'ame keessaa ta'uu danda'a. (Tashoomaa Balaayinaa, 1998/2005, f.19)

Afaan Oromoo rakkoo adda addaa irraan kan ka`e baroota dheeraadhaf afan barreeffamaa osoo hin taane, afan dubbi ta`ee tajaajilaa tureera. Haata`u malee, bara (1983) kufaatii Dargii booda Afaan Oromoo imaammata afaanii keessatti qooda argachuun afaanichi afaan barnoonni ittiin kennamu ta`ee akka hojiirra oolu ta`ee jira. Yeroo ammaa kana Afaan Oromoo manneen barnootaa sadrkaa 1^{ffaafi} kollejjota barsiisota Oromiyaa keessatti akka akaakuu barumsaatti, akkasumas manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} keessatti akka akaakuu barumsaa tokkootti baratamaa jiraachuu koreen sirna barnootaa Oromiyaa (2005) haalan ibsee jira. Akkasumas, gareen qormaata Afaan Oromoo (2005:37) akka ibseetti, "Afaan Oromoo akka afaan barnootaatti (*language in education*) kutaa (1-8) fi kollejjiitti baratamaa jira." jechuun ibsamee jira. Akka yaada beektotaa kanneen irraa hubachuun danda'ametti, Afaan Oromoo imaammata afaanii keessatti fudhatama argachurraan kan ka`e afaan barnoonni ittiin kennamu ta`ee hojjirra oolee jira.

Afaan Oromoo srrinni barnootaa qophaaefii kennamaa jira. Haalli kun immoo barattooni dandeettii afaanii akka cimsataniifi seera afaaniis akka hubatan gargaara. Dandeettii gaafa jennu immoo, ga'umsa namni tokko waan murta'ee tokko irratti qabu jechuudha. Dandeettiiwan afaanii isaan gurguddaafi isaan xixiqqoo jedhamanii bakka lamatti qoodamu. Dandeettiiwan afaanii warreen gurguddoo jedhamanis: dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuudha. Dandeettii afaanii warren xixiqqoo jedhamanis: jechoota, seerlugafi og- barruudha.

Dandeettiwan afaanii kanneen keessaa, qorannoон kun dandeettii barreessuu kan bu'ureeffateedha. Dandeettiin barreassuu akkaataa namni biroon hubachuu danda'anitti yaada keenya qindeessinee waraqaa irra kaa`uu jechuudha. Barreessuun shaakala wal irraa hi cinne barbaada.. Barattooni yeroo irra deddeebi`aniii shaakalan dandeettii barreessuu isaanii fooyeffachaa deemu. Kanaafiyuu, dandeettiin barreessuu akkaataa salphaadhaan yeroo tokkotti xumurree kan biraan deebinu osoo hin taane irra deddeebiidhaan dhamaatii kan barbaaduudha. Kanaafiyuu,shaakala yeroo dheeraa booda dandeettii ga`aa horachuu dandeenya. Kana irraa kan ka`e, xiyyeffannoo itti kennuu kan qabnu yaaxxina barreessuu osoo hintaane shaakala barreessuu barattooni qabani irratti ta`uu akka qabu beektonni ni ibsu. Dandeettiin barreessuu gosa barnoota hundaa keessatti, ogummaa hedduu barbaachisaadha. Ogummaan kun namni tokko beekumsa yookiin dandeettii waan tokko irrtti qabu kan ittiin nama biraatti agarsiisu keessaa isa tokko akka ta`e hubachiisu. Keesumaa nama isa bira hin jirretti dandeettii isaa ibsuuf malli olaanaan namni ittiin gargaaramu barreessuudha.Dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti adeemsa madaallii walitti fufaa fayyadamuun milkaa`insa isa guddadha. Akkuma sadarkaafi dandeetii barattootaatti shaakalli dandeetti barreessuu salphaadhaa gara cimaatti guddachaa kandeemu ta'u akka qabu beektonni ni ibsu.

Akkumas, barattootaaf kan dhiyaatu iddo duwwaa xiqqoo guutanii akka barreessan kana malees, mata-duree kennameef irratti hunda'anii akka barreessaniifi mata-duree filatanii akka barreessan kan gaafatu ta`uu ibsu. Barreessuun hima sirrii ta`e ijaaruufi akkaataa namni hubachuu danda'un mallattoo waraqarra kaa`uu akka ta`e beektooni ni dubbatu. Kana irratti hundaa'ee widowson (1985:62) akka ibsutti, "*wrratting is the act of making up correct sentense and transimiting then through the visual medium as marks on paper,*" jedha. Barbaachisummaa isaan wal qabsiisanii yeroo ibsan immoo, barreessuun odeeffannoo dabarsuu, waan haaraa tokko dabarsuu, amansiisuu,amantaafi ilaalcha ofiii ibsuuf akka fayaadu dubbatu.Dandeettiin barreessuu kun, akkaataa barbaachisummaa isaatti hojiirra ooluu fi dhiisuu isaa adda baafachuuf yeroo yerootti madaalii walitti fufaa geggeessuun mirkanoeffachuutu barsiisaa irraa eegama. Madaalliin walitti fufaa osoo barsiisaa jiranii,waan barsiisaa jiran sana barattooni hubachuu isaanii beekuuf madaallii taasifamuudha. Haalli kun, barannoo tokkoo keessatti geggeeffamee, kan dhaabatu osoo hin taane barannoo walitti aananii dhufan keessatti akkaataa barbaachisaa ta'ee argameen kan geggeeffamuudha. Nitko (2004) Akka ibseti, "*Continous assesment is*

aprocess of gathering data interpreting information about students learning that is used in making decision abou what to teach and how well students have learned” jedha.

Yaadnikun yemmuu hiikamu madaalliin walitti fufaa haala barnootaa murteessuuf akka ittin barataniif milkaa`ina isaanii irratti odeefannoo walitti qabuufi hiikuufi raawwii raawwatamuudha.” jeddha. Akka yaada hayyuu kanaatti madaalliin walitti fufaa adeemsa barachuu barattootaa irratti adeemsa ittiin odeeffannoo walitti qabaniifi haala gaariin attamitti barrachuu akka qaban irratti murtii qabaachuu kan nama gargaaru ta’usaa ibsa. Akka USAID (2003) ibsetti, “*Madaalliin walitti fufaa tarsiimoo daree keessatti hojiira oolchu ta’ee beekumsa, Hubannoo, dandeettifi waan yaadan argachuu barattootaa itti mirkanaa’ uudha.*” jedha. As keessatti beekumsa waa`ee afaan Sanaa caasaa isaa akka qabaatanifi dandeettiwwan afaanii akka gabbifatan ibsa.Njibili (1999) yoo ibsu,” *Madaalliin walitti fufaa karora barataa hirmaachisu baasuun qabxii walitti qabuun gabaasuuf xumura qabxii barataa murteessuuf kan oolu ta’usaa ibsa.*” Yaada kana irraa wanti hubatamu qabiyyeewwan barataa hirmaachisu baasuunQabxii barattootaa walitti qabuun dhuma irratti barattoota sadarkeessuu,dabarsuufi kuffisuuf murtoo fudhachuuf kan fayyadu ta`usaa ibsa.

Akka USAID (2003), ibsetti “*Haalli dhi’eenya madaallii afaaniiakkanaa, barsiisaan madaallii walitti fufaa akkamitti geggeessuufi madaallii qormaataa qofaan geggeeffamu hambisuuf gargaara*” jedha. Kana jechuun barattoonni qormaata qofaan kan madaalaman osoo hin taane qormaataan ala kanneen akka poortifooliyoo, projeektii, abbaltiifi kkf madaalamuu akka danda’an ibsa. Nxunalo, (2007:29) akka ibsetti, “*Adeemsa madaalli walitti fufaan barsiisuu keessatti barsiisaan dandeetti afaanii gabbisu tokko tooftaa adda addaatti fayyadamuu akka qabu ibsa.*”Yeroo ammaa kana addunyaa barnootaa keessatti madaallii walitti fufaan barattoota ga`oomsuu keessatti ga’ee guddaa kan qabuudha.Akkasumas qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti iddo guddaa kan qabuudha. Kana malees qajeelfmni barnootaa hundinuu Itoophiyaa keessatti iddo olaanaa kan qabu madaallii walitti fufaaan ga’umsa barattootaa ijaaruu, kan barnoota keessatti isaanitti ulfaatuuf gargaarsa adda addaa gochuufi qulqullina barnootaa mirkaneesuuf kan garggaaruudha.

Akka ministeera barnootaa Itoophiyaa (1994) Qajeelfama barnootaafi leenjii Itoophiyaa haaraa keesatti ibsetti, madaallii walitti fufaan sadarkaa adda addaarratti beekumsa isaanii ijaaruuf ga’ee guddaa qaba.Barsiisonni tooftaalee madaallii walitti fufaa fayyadamuu raawwiilee barachuu barattootaafi kaayoo galmaan ga’uuf kan geggeeffamudha. kanaafiyuu, kaayyoon dandeetti

barreessuu galma ga'uuf dhiissuu isaa adda baafachuuf madaallii walitti fufaan mirkanoeffachuun hojii barsiisaa irraa eegumuudha. Galma ga'iinsa kanas mirkanoeffachuuf, barsiisaan madaallii walirraa hin cinne gochuun, dalagaa yeroo hunda isarrraa eegamuudha. Faayidaansaa inni gudaanis, ciminaafi hanqia barattootaa adda baasuun, hanqina fooyessufi cimina itti fufsiisuuf kan gargaaruudha. Kana bu'uura godhachuunbarsiisonni mana barumsa Boojjii Dirmajii irraa Afaan Oromoo barsiisaa jiran, adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu barattoota isaanii barsiisuuf mataduree dandeettii barreessuuuf ta`u karoora isaanii irratti attamittiin qopheeffatanii akka jiran xiinxaluudha.

Akkasumas, mataduree barreessuuuf ta`u kan karoora isaaniirraa qaban attamittiin akka isaan hojiirra oolchan xiinxaluudha. Inni biraan hanqina barattoonni addemsa barreessuu keessatti mul`isaniif barsiisonni duub-deebii attamii akka isaaniif kennan xiinxaluudha. Inni itti aanu adeemsa madaallii walitti fufaan barsiisonni dandeettii barreessuu barattoota isaanii daree keessaatti akka hin barsiifneef wantoonni danqaa isaanitti ta`anmaalfaa akka ta`an xiinxaluun rakkoo mul'ate eeruun milkaa`insa barattootaaf tumsa gochuudha. Kana malees, qorataan battallee madaalliidihaaf,barattootaaf dhiyaate sakatta'uun, hanqinaafi ciminna jiran adda baasuun qaama dhimmi isa ilaallatuufeeruun dandeettii barattootaa gabbisuuf kan taasifamuudha.

1.2. ka'umsa Qorannichaa

Ademsa afaan barsiisuu keessatti hnqinoonni tokko tokko haala adda addaan mul`achuu danda`u. Hanqinoonni kunis yeroo baayyee dandeettii afaanii irratti kan mul`ataniidha. Dandeettiwwa afaanii jiran keessaa immoo, tokko dandeettii barreessutti. Dandeettiin kun bakka namni lama wal arguu hin dandeenyetti tajaajila guddaa kennuu kan danda`uudha. Akka beektonni jedhanitti,dandeettiin barreesuu yaada sammuu keessa jiru, qubeewwan adda addaatti fayyadamuun waraqarra kaa`uudhaan, namni biraakka hubatu kan ittiin taasifamu akka ta`e ibsu. Haata'u malee, barreffama barttoonni bareessan tokko tokko yoo ilaallu barreffama hiika hin qabne hedduutu mul`ata.

Daree barnootaa keessattis, keeyyata adda addaa gafaa barreessaa ittiin jennu, dogoggora guddatu mul'atee argama. Dogoggora mul'atan kana hambisuuf fala guddaa ta'uu kan danda'u barsiisonni Afan Oromoo barsiisan kun, madaallii walirraa hin cinne gegessuun hanqina barattoota isaanii adda baafatanii haala isaan ittiin daandeetti kana gonfatan uumuutu irraa eegama. Kanaafiyuu, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan madallii walitti fufaa fayyadamanii dandeettii barreessuu barattoota isaanii fooyessufi, dhama`aa jiraachuu isaanii adda

baafachuuf, qorannoona ragaaratti hundaa'e geggeeffamuun baay'ee barbaachisaadha. Kana irraa ka'uun qoranno geggeefame gaafa sakatta'amu qorannoona geggeeffame jiraachuusaa qorataan bira ga'eera. Qorannoona geggeefame kunis, qoranno Baqalech (2012)Qaaccessa haala raawwii shaakala madaallii walitti fufaan dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu kan jedhu ture.

Inni biraan, Tolassaaan (2008).Kan geggesse, kollejjii barsiisota Roobeetti mataduree xiinxala shaakala madaallii walitti fufaan dandeettii Afaan Oromo barreessu kan jedhu ture.Xiyyeffannoona qoranno kanneenii xiinxala shaakala madaallii keessatti dhiyaatee fi haala raawwii shaakala madaallii keessatti dhiyaate bu'uura kangodhateedha. Qorannoona kanneen ammoo, qaawwa mataa isaanii qabu. Innis argannoo isaanii keessatti hanqina barattoonni adeemsa barreessuu keessatti agarsiisan, tarreessanii ka'anii jiru. Haata'u malee, gama barsiisaatiin adeemsa madaallii walitti fufaan attamittiin dndeettii barreessuu barsiisuu irratti karoorfatee, attamittiin hojirra oolchaa jiran dogoggora qabaachuufi dhiisuu isaa ifatti waan lafa kaa'e hin qabu. Kaanaafuu, Qorannoona kana qorannoowwan geggeeffame irraa wanti adda godhu barsiisonni mana barumsaa Boojjii Dirmajji Afaan Oromoo kuta 9-12 yeroo armmaa barsiisaa jiran,adeemsa madallii walitti fufaan dandeetti barreessuu barattoota isaanii barsiisuuf, mataduree dandeettii barreessuuf ta'u karoora isaanii irratti attamittiin karoorfatanii akka jiraniifi mataduree barreessuu ilaachisee waan karoorfatan,attamittiin akka hojirra oolchan adda baafachuudha.

Akkasumas, hanqina adeemsa barreessuu keessatti barattoonni mul`isaniif barsiisonni duub-deebii attamii akka laataniifi adeemsa madallii walitti fufaan dandeettii barreessuu akka hin barsiifneef wantoota danqaa isaanitti ta'an adda baasuun xiinxaluudha. Hanqinoota mul'atan qorannoona sakatta'anii furmata itti kennaa deemuun hin jiru taanaan, adeemsa barreessuu keessatti rakkooowwan hedduun barattoota mudachuu danda'u. Fakkeenyaaaf kanneen akka:qubeessuu, filannoo jechootaa, yaada burqisiisuu, yaada burqisiifame gurmeessuu, barreeffama duraa barreessuu, dagoggora mul'atesirreeffachuu, sirna tuqaalee sirnaan fayyadamuu dadhabuufi kkf. isaan mudachuu danda'a. Rakkoo kana hambisuuf qorannoona ragaa qabatamaa irratti hundaa'ee geggeeffameen bu'aa argame qaama dhimmi isaa ilaalatuuf eeruuf qoratichi mataduree kana filatee jira. Akkasumas gaaffilee bu'uura qorannichaa kaawwatee jira.Qoratichi qorannoona kana si'a geggeessutti gaaffilee bu'uuraa qorannichaa armaan gaditti eeramaniif qorannoona kun deebii ni laata jedhamee amanama. Gaaffileen bu'uuraa qorannichaas:

1. Adeemsa madaallii walitti fufaan barsiisonni man barumsaa Bojjii Dirmajii sadarkaa 2^{ffa}kutaa 9-12 Afaan Oromoo barsiisaa jiran, dandeettii barreessuu barattoota isaanii barsiisuuf, mataduree barreessuuuf ta`u karoora isaanii irratti attamiin karoorfatanii jiru?
2. Adeemsa madaallii walitti fufaan mata-duree dandeettii barreessuuuf ta`u, kankaroora isaaniiraa qaban attamittiin hojiirra oolchaa jiru?
3. Adeemsa dandeettii barreessuu keessatti hanqinoota barattooni agarsiisanif, barsiisonni duub-deebii attamii laatu?
4. Adeemsa madaallii walitti fufaan, barsiisooni dandeetti barreessuu barattoota akka hin barsiifneef, wantoonni danqaa isaanitti ta`an maalfa`i?

1.3.Kaayyoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree jedhamee bakka lamatti qoodamee jira.

1.3.1.Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa barsiisonni mana barrumsaa Bojjii Dirmajii sadarkaa 2^{ffa}kutaa 9-12 Afaan Oromoo barsiisaa jiran, madaallii walitti fufaa fayyadamuun, dandeettii barreessuu barattoota isaanii barsiisaa jiraachuu isaanii qorachuudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

1. Barsiisonni mana barumsaa Bojjii Dirmajii sadarkaa 2^{ffa}kutaa 9-12 irraa Afaan Oromoo barsiisaa jiran adeemsa madaallii waliti fufaan, mataduree dandeettii barreessuuuf ta`u attamittiin karoora isaanii irratti qopheeffatanii akka jiran adda baasuudha.
2. Adeemsa madaallii walitti fufaan barsiisonni mana barumsichaa, mataduree dandeettii Afaan Oromoo barreessuuuf ta`u kan karoora isaamiirraa qaban attamittiin akka hojiirra oolchan adda baafachuudha.
3. Adeemsa dandeettii barreessuu keessatti hanqinoota barattooni agarsiisanif, barsiisooni mana barumsichaa duub-deebii attamii akka laatan adda baafachuudha.
4. Adeemsa madaallii walitti fufaan barsiisonni mana barumsichaa, dandeettii barreessuu barrattoota isaanii akka hin barsiifneef wanttooni danqaa isaanitti ta`an maalfaa akka ta`an adda baafachuudha.

1.7.Barbaachisummaa Qorannichaa

Adeemsa baruufibarsiisuu keessatti hanqinoonni tokko tokkogama barsiisotaan mul`achuu danda`u. Fakkeenyaaaf: hanqina beekumsaa, dandeettii, Ogummaa, karoorsuu, karoora hojiirra oolchuu, madaaluu, duub-deebii kennuufi kkf ta`uu danda`a. Hanqinoonni kun kan mul`atan yoo ta`e ammo, milkaa`insa barrattootaa irratti sakaallaa guddaa ta`uu dand`a. Kanaafuu, hanqinootamul`atan adda basuuf, qoranno ragaa qabatamaa irrattihundaa`e geggeessuun baayee barbaachisaadha. Qorannoong geggeeffame kunis, qaamolee garagaraaf faayidaa guddaa kennuu danda`a.Qaamoleen faayidaa argatan kunis, kanneen armaan gadii ta`u. Isaanis:

- Hooggantootaa manneen barnootaafi suupparvaayizeerooata manneen barnootaata`uu danda`u. Isaan kun, faayidaa qoranno kana irraa argataniin barsiisota isaaniif haala mijeessuu danda`u. Fakkeenyaaaf leenjii hojiirraa, kana jechuun namni tokko osoo hojjechaa jiruu hanqina inni agarsiiseef leenjii dabalataa laachuuf jechuudha.Ini biraan muuxannoo waljijiirraati. Kunimmoo, barsiisota adda addaa gidduutti gocha raawwatamuudha. Gochi kunis, yeroo barrsiisaan tokko dare barnootaa seenee barsiisu, barsiisaa biraan daree seenee, akkaataa barsiisichi itti karoorfate,akkaataa inni itti hojiirra oolchu,akkaataa inni itti madaalufi hanqina mul`ateef duub-deebiikennu daawwachuuun hubannoo argachuu danda`a.Kana malees, barsiisota mana barumsaa adda addaa gidduuttis muuxannoo waljijiirraaakkageggessaniif hubannoo huumuufii danda`a.
- Barsiisota sadarkaa kan irraa barsiisani: barsiisonni kun qoranno kana dubbisuun hanqina isaanii adda baafachuu danda`u. Ergaa hanqina isaanii adda baafatanii booda,akkaataa barbaachisummaa isaatti karoorfachuu danda`u. Akkasumas, akkaataa barbaachisummaa isaatti hojiirra oolchuun dandeettii barattootaa irratti jijjiirama fiduu danda`u.
- Barattoota sadarkaa kana irraa baratan: barsiisoonnii hubannoo qoranno kana irraa argatanii akkaataa barbaadameen karoorfatanii, akkaataa barbaadameen hojiitti kan hiikan yoo ta`e, al kallattiin barattooniisaanii fayyadamoottaa`u.
- Barattootasadarkaa adda addaarraa baratan: qoranno kun barattoota sadarkaa adda addaarraa baratniif faayidaa guuddaa qaba. Sababni isaas qoranno kun erga xumuramee maxxanfamee booda interneetii irratti waan gadhiifamuuf barsiisaan kamiyyuu interneetii irraa argachuu kan danda`uudha. Kana malees, man kitaabaa Yuunivarsiitii Jimmaa keessa waan ka`amuuf barsiisonni achii fuudhanii dubbisuu danda`u. Kanaafiyuu,barsiisonni

kallattii eerame kanaan argatanii kan itti fayyadaman yoo ta`e, barattooni sadarkaa adda addaarraa baratan karaa hubannoo barsiisaa isanii fayyadamoo ta`uu danda`u..

- Namooota mata duree kana filatanii qorannoo geggesan: namoonni mataduree kana filatanii qorannoogeggesan akka ka'umsaatti itti fayyadamuu danda'u. Akkas yemmuu jedhamu, qorannoo kanaafi qorannoo isaanii, waan walfakkeessuufiwaan gar gar godhu wal bira qabnii ibsuun kaayyoo qorannoo isaanii ifataasisuu danda'u. Kanaafuu, hubannoo tokko tokko irraa argachuun adeemsa qorannoo isaaniif milkaa` insa ta'uu danda'a.

1.4.Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan inni irratti geggeeffamu Godina Wallagga Lixaa Aanaa Bojjii Dirmajii mana barumsaa Bojjii Dirmajii sadarkaa 2^{ffa}kutaa 9-12 irraa, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisaa jiran adeemsa madaallii walitti fufaan,dandeetti barreessuu barattoota isaanii barsiisaa jiraachuu isaanii qorachuu irratti kan xiyyeffatuudha.

1.5.Hanqina Qorannichaa

Qorataan yeroo qorannoo kana geeggeessaa turetti rakkowan hedduun isa mudachuu danda`aniiru. Isaanis: hanqina maallaqaa, geejibaa, yeroo, ibsaa, interneetii, meeshaalee barreeffamaafi kan kana fakkaatan hudhaa cimaa turan. Kana jechuun hojii idilee hojjechaa qorannoo kana waanan geggeessuf yeroo ga`aa dhabuudhaan baayyee rakkachaa ture. Akkasumas interneetiin iddo qorannoon kun itti geggeeffametti waan hin hojenneef qorannoo kanaaf yaada beektotaa argacuuf baayyee danqamaa ture. Kana malees ibsaan iddo sanatti badee yeroo baayyee turuu irraan kan ka`e,wixinee qorannoo kanaas ta`e gabaasa qorannoo kanaa yeroon barreesee gorsaa isaa qaqqabsiisuuf baayyee rakkachaa ture. Inni biraan manni barumsichaas, kompiwuutera mataa isaatii waan hin qabneef iddo sanatti illee,hojii idilee isaa hojjechaa itti fayyadamuuf carraa hin arganne. Qorataan kun ragaa walitti qabate, barreessuuf iddo tokkoo gara iddo biraatti deddeebi`ee waan barreessaa tureef, baasii guddaaf akka saaxilamu isa taasisee jira. Sababa kanaaf rakkoon baajetaa guddaan isaqunnameera. Inni kan biraan konkolaachistoonni taarifaa seeraa alaa konkolaataa irratti qarshii dabalatanii rakkina uumsaa waan turaniif rakkoo cimaan achiinis qorataa qaqqabee ture. Haata`u malee qorataan rakoolee kana mara dandamatee hojiii isaa xumuree sadarkaa kana irra ga`ee jira.

1.6.Qidoomina Qorannichaa

Qorannoonaan boqonnaa shanitti qoodamee dhiyaatee jira. Boqonnaa tokko keessatti: seen-duubee qorannichaa, ka`umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi dhimma haala qorannichhaa ibsatu dhiyaate. Boqonnaa lammaffaan sakatta`a barruu yemmuu ta`u, madaallii walitti fufaan barsiisonni dandeettii Afaan Oromootiin barressuu barattoota barsiisuu, ilaalchisee yaadnni beektonni afaanii kennaniifi qorannoolee mata-durichaan wal fakkaatutu keessatti dhiyaatee jira. Boqonnaa sadaffaan mala qoranichaa kan ibsu yemmuu ta`u, qorannichi mala qoranno ibsaa kan mala daawwannaa, af-gaaffiifi sakatta`insaan geggeeffameedha. Kutaa kana keessatti tooftaa qorannichaa, madda ragaalee qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee, iddattoofi mala iddatteessuu mala qaaccessa odeeffannoofi tooftaalee ragaan ittiin qaacceffaman addeeffamee jira. Boqonnaa arfaffaa keesssatti qaaccessaafi hika odeeffannootu dhiyaatee jira.Kana malees boqonnaa shanaffaa keessatti immoo argannoo xiinxala godhame irraa argameefi yaada furmaataatu walduraa duuba isaa qabatee dhiyaatee jira.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

2.1 Aafaan Barsiisuu

Afaan barsissuu jechuun, akkasumatti barsiisaan tokko dareegalee meeshaalee afaanicha itti barsiisuuf qophaa'een barumsa dabarsuu qofa miti. Afaan barsiisun beekumsa hedduu kan gaafatuudha. Barumsi afaanii yoo xiqqaate beekumsawwan qurguddaa lama bu'ureeffata. Isaanis, qo'annoo afaanii fi yaadiddama barachuuti. Qo'annoo afaanii yemmuu jedhamu qo'annoo xinqooqaa jechuudha. Xinqooqni qabiyyee afantokkoo qo'atee lafa kaa'a. Inni kunimmoo akka qabiyyeetti barumsa afaanii keessatti kan dhiyaatuudha. Gama biraan yaadiddamni barrachuu immoo beekumsa xiinsammuufi barumsa waliin kan walqbatuu dha. Barnoota afaanii keessatti immoo qabiyyeen barbaachisaan kan argamu xinqooqaanwanta qo'atamee lafa ka'ame keessaa ta'uu danda'a. (Tashoomaa Baalaayinaa, 1998 / 2005, f.19)

Gama afaan Oromoo barsiisuun yoo ilaalle, Afaan Oromoo baroota dheeraadhaaf, kan baruufi barsiisuun ittin geggeefamu osoo hin taane, afaan dubbii ta'eetajaajilaa tureera. Haata'u malee,yeroo ammaa kana Afaan oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffa} fi kollejiota barsiisota Oromiyaa keessatti akkaakkakkuu barumsaatti, akkasumas manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffa} keessatti akka akkaakuu barums tokkootti baaratamaa jiraachuu koreen sirna barnootaa Oromiyaa (2005) haalaanibsee jira. Akkasumas, gareen qormaata.Afaan Oromoo (2005:37)akka ibsetti,"Afaan Oromoo akka afaan barnootaatti(*Language in education*) kutaa (1-8) fi kollejjiittii baratamaa jira." jechuunibsamee jira. Akka yaada beektota kanneen irraa hubachuun dandamutti, Afaan Oromoo imaammata afaannii keessatti fudhatama argachuu irraan kan ka'e afaan barnooni ittiin kennamu ta'ee hojiira oolee jira.

2.1.1. Dandeettiwwan Afaanii

Dandeettiwwan afaanii, akka beektonni adda addaa jedhanitti, dandeettiwwan gugudoofi xixiqqoo jedhamanii bakka lamatti qodamu. Dandeettewwan gurguddo warri jedhamanis dhaggeefachuu, dubbachuu, barreesuufi duubbisuu dha. Dandeettiwwan guguddoon kun odeeffnnoo kennuufi odeeffanno fudhachuuf kan fayyaduudha. Dhaggeeffachuufi dubbisuun odeeffanno fudhaachuuf kan itti fayyadamnu yoo ta'u, dubbachuufi barreessuun garu, odeeffanno kennuuf itti dhimma ba'ama. Dandeettiwwan xixiqqoo kan jennus: dandeettiwwan jechootaa, seerligaafi ogbarrruuaa dha. Jechoonni: yaada, fedhiifi muuxannoo adda addaa sammuu keenya keessatti uumamu ittiin bakka buufnee kuuuuf kan nugargarudha. Seerliugni

immoo, afaan barsiisuuf barachuu keessattii dhimma bayyee barbachisadha. Innis: caasaa afaanii kanneen akka sagalee, dhamsagootaa, latiilee, jechoota, gaaleen, himaafi hiika ilaalachuu danda'a. Kana malees og-burruun meeshaalee ittiin barnoota afaani barrsiisuffaayyadaman keessaa tokkoodha. Kun akkas ta'ee osoo jiruu, dhimmi xiyyeffannooqorannoo kanaa dandeettii barreesuu kan ilaalatuudha.

2.1.1.1. Dandeettii Barreessuu (Writing skill)

Barreessuun dandeettiwwan afaanii keessaa isa tokkoodha. Kanaafuu akka dandeettii afaanii tokkootti yaada sammukeenyaa keessa jiru mallattoolee /qubeewwan/ adda addaatiin fayyadamnee waraqaa irra kaa`uudhaan namni biraa akka hubatu kan ittiin taasisnuudha. (Tashoomee Balayina, 1998 / 2005, f. 209). Sagalee afaan tokkootii kaasee hanga caasaa guddaatti uunkaalee xinqooqaa jiran akkuma afaanitti nu dhfanitti hin ijaaramu. Ergaa guutuu dabarsuu akka danda`anitti sirnaan waldeggersiisuun ijaaramu. Ijaarsa kana keessatti qaamoleen marti bakka murtawwafi tokkummaa qabaachuun waliin dalagu jedhanii beektonni ibsu. Maalummaa barreeessuu ilaachisee yaadawwan amma yoonaatti ibsamani yemmuu ilaallu kuusaan jechootaa ‘advanced learners dictionary’ jedhamu yoo hiiku “*writing is making letter or other symbol with a pen pencil symbols, words, message especially on paper*” jedha. (1994:1430). Barreessuun shaakala qabatamaa barabaada. Barattoonni yeroo irra deddebi`anii shaakalan dandeettii barreessuu isaanii guddifatu. Kana jechuun waa`ee dandeettii barreessuu beekuuuf dandeettii barreessuu qabaachuun dhimmoota gara garaa waan ta`aniif kan xiyyeffannoona kennamuufii qabnu yaadxina barreessuu osoo hin taane shaakala barreessuu barattoonni dalagan irratti ta`uu akka qabu beektonni ni ibsu.

Akkuma sadrkaafi dandeettii barattootaatti shaakalli dandeettii barreessuu salphaadhaa gara cimaatti guddachaa kan adeemu ta`u akka qabu beektonni ni ibsu. Akkasumas barattootaaf kan dhiyyaatu: iddo duwwaa xiqqoo guutanii akka barreessan, yookaan yaada jalqabamee hin xumuramin guutanii akka barreessan kana malees, mata`duree kennameef, irratti hunda`anii akka barreessanfi mataduree filatanii akka barreessan kan gaafatu ta`uu ibsu. Barreessuun hima sirrii ta`e ijaaruufi akkaataa namni hubatuun mallattoo waraqaarra kaa`uu akka ta`e beektonni ni dubbatu. Widowson (1985:62), “*Writing is the act of making up correct sentence and transmitting them through the visual medium as marks on paper,*” jedha. Geetachoo (2007:7), Misgaanuu (2011:57) fi Beekaan (2015:127), akka jedhanitti, “*Barreessuun ogummawwan afaanii isaan bu`uuraa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) keessaa isa tokko akka ta`eefi*

kanqubeewwan yookaan mallattoolee uummanni irratti walii galetti fayyadamuudhaan waraqaa, dhagaa, sibiilaafi kan kana fakkaatanirratti qubeessuudhaan mala ergaan ittiin darbuudha." jedhu. Byrne (1988:4), "Writing is a process of encoding putting your ideas in to words carried out with a reader in mind," jedha. Akka yaada kanaatti barreessuun yaada sammuu keenya keessa jiru gara jechaatti jijiiruun, waraqaa irra keenyee dubbisaa akka sammuutti fudhatu gochuu akka ta`e ibsa.

Dani`eel, (2007:8), Raimes (1983), Kellyfi Deborah (1998) wabeeffachuun akka ibsetti, "*Barressuun karaa ittiin yaada ofii ibsan yookaan karaa ittiin yaada haaraa burqisiisuun bakka gahiinsa walii galtee namootaa saffisiisu keessatti shora olaanaa kan qabuudha.*" jedha. Amsaluun, (2008:9) Ghaith (2002), wabeeffachuun akka ibsetti, "*Barreessun, adeemsa walxaxaa barreessitoonni karaa yaadni isaanii argamuu danda`uufi salphaa taheen yaada isaanii ittiin ibsataniidha.*" Jedha. Atkins, (1996:06), akka ibsetti, "Writing is one of the basic language skills which every learners and writers faced difficult because, writing needs deep understanding of a given language," jedha. Akka ibsa hayyuu kanaatti barreessuun dandeettiwwan afaanii keessaan isa bu`uraa akka ta`eefii, barattootaa ta`e, barreessitootatti ulfaataa akka ta`e addeessa. Sababa isaas gaafa ibsu, barressuun waa`ee afaan Sanaa hubannoo gadi fageenyaan qabaachuu akka nama gaafatu hubachiisa.

Misgaanuun, Italo (1999:19) wabeeffachuun yoo ibsu, "*Barreessuun hojii sammuu baayyee walxaxaa, karaa barreessaan al tokkotti wantoota hedduu to`achuu agarsiisuudha; fakkeenyaaaf, sadarkaa himaatti, to`annaq qabiyyee, unka, caasaa himaa, jecha haarawaa, sirna tuqaaleefi qindoomina qabiyyewwanii kan of keessatti hammatuudha.*" Jedha. Kanaafiyuu, barsiisonni sadarkaa lammaffaa irraa dandeettii barreessuu barattoota isaanii barsiisan, haalota baay`eedhaan dandeettii barreessuu barattoota isaanii gonfaciisuu danda`u. Isaanis: mata-duree dandeettii barreessuuf mijatu qopheessanii barattootaaf dhiyeessuu, barattoonni mataduree isaniif mijatu filatanii akka barreesan gochuu, yaada dheeraa tokko chuunffanii gabaabsanii akka barreessan gochuu yookaan, yaada gabaabaa tokko dheersanii akka barrsan gochuudha.

Akkasumas, himoota dogoggora barreeffamaa qaban dhiyeessanii akka sirreesan gochuu, keeyyata dogoggora qub-guddeessaafi sirna tuqaalee qaban kennaniifii akka sirreessan gochuudha. Kana malees, mata-duree isaan irratti mari`atan laataniifii waan mar`atan barreeffamaan akka dhiyeessan gochuu, seenaa nama beekamaa tokkoo akka barreessan gochuu, seenaa dhuunfaa isaanii akka barreessan gochuu, gabaasa afanii dhiyeessanii erga

dhaggeeffatanii booda deebisanii akka barreessan gochuu, battallee dandeettii barreessuu hamate qopheessanii barattoota madaaluufi kan kana fakkaataniin dandeettii barreessuu akka gonfatan gochuun ni danda`ma. Dandeettiin barreessuu gocha yeroo tokkotti galma ga'u osoo hin taane, gocha irra deeddeebii qabuufi yeroo fudhatuudha. Akkasumas gocha itti fufiinsaan shaakala barbaaduudha. Kanaafiyuu, barreesuun sadarkaa tokkotti kan dhaabbatu osoo hin taane, adeemsa yaada burqisiisuu, yaada burqisiifame gurmeesuu, barreffama duraa barreesuufi irra deebi'anii ilaaluu of keessatti hammata. Kana malees dogoggora ilaaluufi sirreesuu kan gaafatuudha. Adeemsa kana immoo qixa barbaadameen milkeessuuf barsiisaan, barattoota isaa dandeettii kana gonfachiisuuf baay'ee dhama'uutu irraa eegama. Haala kanaan karoora barattoota hirmaachisu baasuun, baratoonni fedhiin akka dalagan gochuun basiisaa irraa hojii guddaa eegamuudha.

2.1.2.Sababa Barreessuun Barbaachiseef

Barreessuun sababaaf kaayyoo mataasaa qaba. Kaayyoo kanneen keessaa akka dimshaashaatti kan ka`an, odeeffannoo dabarsuu yookaan waan tokko ibsuuf oola. Inni itti aanu yaada yookaan waan haaraa tokko dabarsuufi amansiisuuf kan ooluudha. Inni biraan amantaafi ilaalcha ofii ibsuufi kan kana fakkaatan isaan gurguddoo akka ta`e beektonni ibsu. Geetaachoo (2009:7) akka ibseetti, “*Barreessuun, aadaa, firii saayinsiifi qaroomaa, gara dhalootaatti dabarsa; waliigaltee uummattoota gidduutti godhamu akka ragaatti kaa`uuf hojii ilma namaa hunda ittiin geggeessuuf gargaara.*” Jedha. Raimes (1983:3) akka ibsetti, “*Writing reinforces the different structures the students learned; gives opportunity for students to explore and experiment with the language through trying and improving appropriate expressions and the various mental and physical involvements, reinforcing learning,*” jetti. Akka ibsa hyyuu kanaatti barreessuun, baratoonni caasaalee gara garaa akka barataniif kan jajjabeessu akka ta`e eef, shaakalaafi yaalii adda addan dandeettii afaanii akka fooyyeffataniiif carraa kan laatu akka ta`e ibsite. Kana malees, yaada sammuu isaanii keessa jiru qabatamaan waraqaarra kaa`uun barachuu isaanii kan jajjabeessu ta`uu isaa ibsite.

Dandeettiin barreessuu gosa barnoota hundaa keessatti ogummaa baayyee barbaachisaa dha. Ogummaan kun namni tokko beekumsa yookaan dandeettii waan tokkoratti kan ittiin nama biraatti agarsiisu keessaa isa tokkoodha. Keesumaa nama isa bira hin jirretti dandeettii isaa ibsuuf malli olanaan namni ittiin gargaaramu akka ta`e beektonni ni ibsu, Akka yaada beektotaarraa hubannutti namoonni faayidaa adda addaaf barreessuu danda`u. Isaanis: namoota

bashannansiisuuuf, madda galiif, yaada ofii ibsachuufi qabxii fooyyya`aa argachhuuf ta`uu danda`a.

Akka Atkins eta (1996:86), **ibsetti**, “*Writing skills is the most important skills for students learning language to develop not only communication in writing, but also to develop intellectual and academic progress,*” Akka yaada hayyuu kanaatti faayidaan barreessuu guddina barreeffama waliigaltee qofaaf osoo hintaane adeemsa barachuu keessati beekumsa waa`ee barumsichaas kan hammatu akka ta`e lafa kaa`a.

2.1.3.Qabxiilee Dandeettii Barreessuu Fooyyessan

Akka ibsa beektotaatti, barreesssuun shaakala qabatamaa barbaada. Ammuma shaakalamu dandeettiin barreessuu fooyya`aa deema. Adeemsa barreessuu shaakaluu kana keessatti tooftaaakkamiitti gargaaramanii dandeettii barreessuu fooyeffachuu akka qabaniif shaakala keessatti gargaarsa akkamii akka barbaadan hubachuun barbaachisaadha. Isaanis: waliin dandeettii barreessuu irratti mari`achuufi kitaabolee barreeffaman dubbisun hubannoo argachuun ni danda`ama.

2.1.4.Amala Barreeffama Gaarii

Namoonni tokko tokko amala barreeffama gaarii seerluga sirriitti fayyadamuu akka ta`etti haa ibsan malee, beektonni amala barreeffama garii akka armaan gadi ibsanii jiru. Isa kanas, yaadanno sadarkaa digirii tokkoffaatti nuuf kennamerraan fudhadhe.

2.1.4.1.Barreeffamni Gaariin Adeemsa yaaduu (thinking process) Sirrii ta`e kan qabuudha

Kana jechuunis barreessaan osoo barreessuu hin eegalin dura waa`ee dubbistoota isaa matadurichaafi waan jechuu barbaade akkamitti yoo ibse ergaa isaa dabarfachuu akka danda`u xiyyeffannoo itti kenna jechuudha. Kana jechuun, barrssaan gaafa mata duree tokko filatu qaamni inni barreessuuf waa`ee mataduree sanaa hubannoo qabaachuufi dhiisuu isaanii mirkanoeffachuutu irraa eegama. Kana malees, matadureen dhiyaate kun safuu hawasichaa kan hin cabsineefi aadaa hawaasichaa kan jajjabeessu ta`usaa itti yaadee qopheessuutu irraa eegama. Daree barnootaa keessatti immoo, wantoonni barattoonni barreessan: tokkummaa yaadaa, tartiiba yaadaafi walqabatiinsayaadaa yoo qabaate barreeffama gaarii ta`uu danda`a.

.1.4.2.Barreffamni Gaariin 2Jijiirama Of Keessaa Qaba/A good writing envolves change/

Yaada haala gaariidhaan ibsachuuf yaaluun shaakaluufi jijiiruu of keessaa qaba.Adeemsi kun irra deebi`anii gulaaluu jedhama. Kana jechuun, yaadota barbachisaa hin taane kutanii keessaa baasuun yaadota gluu qaban immoo fidanii gidduu galchuun yaada fudhatama qabu dhiyeessuu jechuudha. Kana malees, dogoggora barrssuu keessatti mul`atu sakatta`uun barreffama qulqullina qabu dhiyeessuu hammata.

2.1.4.3.Barreffamni Gaariin Yaada Ifa Ta`een Ergaa Dabarsa.

Kaayyoo guddaan dandeettii barreessuu yaada haala ifa ta`een kaa`uudha.Barreessitoonni ga`umsa qaban dubbistoota isaanii waliin waliigaltee kan uuman, yaada isaanii haala ifa ta`een qabxii ijoo lafa kaawwatu.

2.1.4.4.Barreffamni Gaariin Dubbistoota Isaarratti Xiyyeffata

Barreffamni dubbistoota gosa adda addaatiif barreffamu danda`a.Kanaaf,wayita barreffamu qabxiilee irratti xiyyeffatu qaba.Isaanis: Wanta barreffamu eenyu akka dubbisufi Wanta barreffame dubbistoonni akka hubataniif akkaataa itti ibsamuudha. Kana jechuun,namni barreffamuuf kun sadarkaan barnoota isaa ammam akka ta`e, hubannoona isaa maal akka fakkatu,ergaa dubbisa kanaa xiinxalee hubachuu ni danda`a jedhanii erga xiinxalanii booda barressuun baayyee barbaachisaadha.

2.1.4.5.Barreffamni Gaariin Kaayyoo Galmaan Ga`a

Yeroo baayyee odeeffannoo yaada miira keenyatti dhaga`ame dubbistootaaf dabarsuuf barreffama. Akasumas ergaa dabarfamuun barbaadame akaataa hiika qabeessa ta`een dabarsuuf kan barreffamuudha.

2.1.5.Barreessuu Akka Adeemsatti (Writing As Aprocess)

Dandeettiin barreessuu akka beektonni jedhanitti waan al tokkotti galma ga`u miti. Barreessuun akka hojii sadarkaa tokkootti xumuramu taasisanii ilaaluun dogoggora akka ta`e ibsu.Kanaafuu barreessuun sadarkaa tokkotti kan raawwatamu osoo hin taane, adeemsaa adda addaa keessa darbu. Adeemsi kunis:yaada burqisiisuu, yaada burqisiifame irratti hunda`anii barreffama duraa barreessuufi irra deebi`anii ilaaluudha. Akkasumas dogoggora ilaaluufi sirreesuu of keessatti hammata. Adeemsaa yaada burqisiisuu keessatti tooftaalee adda addaa fayyadamuu ni danda`ama. Isaanis:callisanii barreessuu, yaada ka`umsaa barreessuu, yaada barraaffameef damee baasuufi gaaffilee qopheessuudha. Tooftaaleen kunis rakkoo,” *Waan barreessinu hin qabnu*” jedhu ittiin

mo`achuuf yookaan hambisuuf kan nu gargaaru akka ta`e beektonni ibsu.Dhangalaasa barreessuun, yeroo murtaa`eef osoo gargar hin kutin barreessuudha. Kunis kan ta`uu danda`u, mata-duree wajjin walqabatus, wal qabachuu baatus, barreesuuf yaaluudha. Adeemsa kana keessatti waa`ee seerlugaa, sirna tuqaalee, qubeessuufi hima guuttuudhaan kaa`uuf hin dhiphatamu. Waa`ee mata-durichaa ilaachisee yaada ka`umsaa tartiibuun wantoota yaadanu mara galmeessuudhaan tooftaa yaada ittiin gudunfinuudha. Sababni ani dandeettii bareessuu irratti xiyyeffadheefis, wantan qorachuu barbaade madaallii walitti fufaa osoo hin taane madaallii walitti fufaa fayyadamee bbrsiisaan attamiin dandeettii barressuu attamiin barsiisaa akka jiru qorachuudha.

2.1.6.Akkaataa Afaan Barreessuun Itti Barsiifamu

Akka beektonni jedhanitti barsiisaan dandeettii barreessuu yeroo barsiisu sadarkaalee barreessuu salphaadhaa gara cimaatti (xaxamaatti) [from simple to complex] shaakalsiisaa deemuun filatamaa akka ta`e ibsu.Sadarkaaleen kunis sadarkaalee jalqabaa [Elementary level] sadarkaalee giddu-galeessaa[intermediate level] fi sadarkaalee olaanaa [Advanced level] dha. Basiisaan rakkolee sadarkaa barreessuu kanneen keessatti mullatan hubatee furmaata kennuuf ga`ee guddaa qaba. Sadarkaaleen armaan olitti tuqaman keessaa sadarkaa isa giddu-galeessaa irratti hundaa`un qorannoон kun geggeeffama.

2.1.6.1. Sadarkaa^{2ff_{aa}}

Sadarkaan kun kan barattoonni jechoota mataa isaaniin hima yookiin keeyyata barreessaniidha. Akkasumas, yaada jalqabamee hin xumuramin jiru tokko akka xumuramu taasisuudha. Kana malees, yaada dheeraa tokko akka gabaabsan yookiin, yaada gabaabaa tokko akka dheressanii barreessan gochuun ni danda`ama. Dabalataanis, xalayaafi iyyata adda addaa akka barreessan gochuun ni danda`ama. Adeemsa kana keessatti bakka itti hanqinni dandeettii mul`atetti rakkoo sana furuuf barsiisaan haalaan irratti hojjechuutu irraa eegama.

2.2.Maalummaa Madaalii

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barattoonni hamam hubannoo akka argatan karaan ittiin beekamu keessaa tokko madaalliidha. Barumsa afaanii keessattis, ga'umsi barattootaa, ademsi baruufi barsiisuu akkamitti akka deemaajirubeekuuf madaalliiin baay`ee barbaachisaadha. Barsiisaan afaanitoothaa inni hordofe sirrii ta'uusaa beekuuf isa gargaaruu danda'a. Kana malees, barrattoonni hagam akka afaan barachaa jiran dandeettii issaanii guddifachaa akka jiran madaalliidhaanbeekama. Arega, (2074, 7) akka jedhutti,” *Evaluation is the process of systematic*

collection of information regarding to nature and quality of education in order to make rational decisions.” jedha. Akka ibsa hayyuu kanaatti madaalliin tooftaa ittiin odeeffanno walitti qabachuun qulqullina barnootaa mirkaneesuuf murtii barbaachisaa ta’e fudhataniidha.

2.2.1. Gosoota madaallii

Akka hayyooni ibsanitti madaalliin dhimma madaalamurratti hundaa’uun madaallii rumaddii, madaallii sakattaiinsaa, madaalliiwalittifufaafi madaallii xumura jedhamuun qoodama. (Broown, 2003,f. 2) Dabalataanis Anandan, (2016, f. 12) Gosoota madaallii yemmu ibsu, “*There are four types of assessments: prognostic, diagnostic, formative and summative. Although there are generally referred to simple assessment and distinct differences between the four*” kunis madaalliin gosoota afur akka qabuufi arfansaanii gidduus, garaa garummaan akka jiru ibsa.Madaalliin ramaddii akka jecha beektotaatti barattoota akkaattaa beekumsa yookaan dandeettiisaanii kutaatti ramaduuf gargaara.Madaalliin sakatta`insaa immoo, akka beektoonni jedhanitti barattoonni adeemsa baruu barsiisuu keessatti dogoggora ykn dadhabina irra deebi'anii agarsiisaaniiif sababa isaa kan qoratuudha. Kaayyoona isas madda rakkina barachuu barattootaa addaan baasuun karoora furmaata ta’u qopheessuudha.Madaalliin xumuraa semisteeraa tokko booda yokkin xumura waaggaati kan geeggeffamu ta’uu danda’aa. Madaalliin kun baarattoota sadarkeesuufi kuffisuuf murtoo keenuf kan geeffamuu ta’usaa beektonni ni hubachiisu.Kana malees,qormaata biyyooleessaaf ooluu danda’aa. Inni biraan gosti madaallii xiyyeffannoo qorannichaa keessaa tokko isa ta’e madaallii walitti fufaati.

2.2.2. Maalummaa Madaallii Walitti Fufaa

Madaalliin walitti fufaa osoo barsiisaa jiranii waan barsiisaa jiran sanabarruttoonni hubachuu isaanii beekuuf madaallii deemu ilaalata. Halli kun barannoo tokko keessatti geggeeffamee kan dhaabbatu osoo hin taane, barannoo walitti aananii dhufan keessatti akkaattaa barbaachisaa ta`ee aegameen kan geggeeffamuudha. Nitk (2004),akka ibsetti, “*Continuous assessment is a process of gathering data interpreting information about students learning that’s is used in making decision about what to teach and how well students have learned”*jedha.Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, madaalliin walitti fufaa adeemsa barachuu barattootaa irratti odeeffannoo walitti qabuun, hiika itti kenuun, maal barachuu akka qabaniifi haala gaariin atamitti barachuu akka qaban irratti murtii fudhachuuf kan nama gargaaru ta`usaa nama hubachiisa.Akka USAID (2003) ibseti,”*Madaalliin walitti fufaa tarsiimoo barsiisaan dare keessatti hojiirra oolchu ta`ee beekumsa hubannoo, dandeettiifi waan yaadan argachuu barattootaa itti*

mirkanaa`uudha.” jedha. Akka yaada hayyuu kanatti faayidaan madaallii walitti fufaa inni guddaan barattoota ga`oomsuuf, fedhii barattootaa giddu-galeeffachuuun kan raawwatamu ta`usaa ibsa.

Njabili (1999) yoo ibsu, “*Madaalliin walitti fufaakaroora barataa hirmaachisu baasuun qabxii walitti qabuun gabaasuufi xumura qabxii barataa murteessuuti,*” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti immoo, madaallii walitti fufaa waan barataaf mijatu dhiyeessaniifii firii barattoonni agarsiisan walitti qabuun,xumura irratti waa`ee barattootaa murteessuufi akka oolu ibsa. Kana jechuun,barattoota sadarkeessuu, dabarsuufi kuffisuufis akka oolu hubachiisa.Akka USID (2003) ibsetti,””003:117) akka ibsetti, “*Madaalliin walitti fufaa adeemsa barnooni afaaniii itti hojiirra ooluudha.*” jedha. Nxunalo (2007:29) aka ibsetti,”*Adeemsa madaallii walitti fufaan barsiiuu kessatti barsiisaan dandeettii afaanii gabbisu tokko tooftaa adda addaatti fayyadamuu akka qaba.*” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, barsiisaan maloota adda addaa fayyadamee adeemsa madaallii walitti fufaa mirkaneessuu akka qabu ibsa.Yeroo ammaa kana addunyaa barnootaa keessatti madaallii walitti fufaan qajeelfamoota barnootaa hundumaa keessatti ga`ee guddaa kan qabu akka ta`e ibsu.

Akkasumas,qulqullina barnootaa keessatti iddo olaanaa kan qabuudha. Kana malees qajeelfamni barnootaa hundinuu Itoophiyaa keessatti iddo olaanaa kan qabu madaallii walitti fufaa ga`umsa barattootaa ijaaruuf, kan barnoota keessatti isaanitti ulfaatuuf gargaarsa adda addaa gochuufi qulqullina barnotaa mirkaneessuuf kan gargaaruu akka ta`e beektonni hubachiisu.Akka ministeera barnootaa Itoophiyaa (1994) qajeelfama barnootaafi leenjii itoophiyaa haaraa keessatti ibsetti madaallii walitti fufaan sadarkaa adda addaa irratti beekumsa isaanniii ijaaruuf ga`ee guddaa qaba.Barsiisonni tooftaalee madaallii walitti fufaa fayyadaman raawniilee barachuu barattootaafi kaayyoo galman ga`uuf kan geggeeffamuudha.Akka kanaan madaallii walitti fufaa fayyadamuun raawniilee barachuu barattootaafi kaayyoo galmaan ga`uuf kan geggeeffamuudha.Akka kanaan madaallii walitti fufaan kaayyoo olaannaadeemsa baruufi barsiisuu cimsuufi barattoonni ciminaan akka hoijetaniif kan gargaaruudha.

2.2.3.Adeemsa Madaallii Walitti Fufaan Dandeettii Barreessuu Barsiisuu

Akka ministeera barnoota Itoophiyaa (1994) Qajeelfamaafi Leenjii Itoophiyaa haaraa keessatti akka ibsetti, madaallii walitti fufaan barnoota keessatti beekumsa isaanii jijiiruuf gosa barnoota raawnii waliigalaa wal qabatniif ga`ee olaanna qaba.Yaada kanaan walqabatee waldaan barsiisota saayinsii biyyooleessa yemmuu madaaluu ibsu, madaaluun barachuu barattootaa

guddisuuf hojjeta; madaaluu qofa miti barataan sadarkaa hubannoo duraa irra jiru kan ta`uuf deemuuf haala mijesssa. As keessatti dandeettii bareessuu gaafa madallu, odeeaffannoo walitti qabachuun adeemsa fuula duraa murteeffachuu kan nu gargaaruudha. Yeroo madaalliin kun geggeeffamu wantoota adda addaa irratti xiyyeefachuu danda`a. Isaanis:qub-guddeessa, sirna tuqaalee, filanno jechootaafi seerluga eeguu ta`uu danda`a. Kana malees qabiyyee barreeffamaa kan akka hima ijoo, hima callaafi hima goolabaan guutummaa guutuutti wal qabchuusaa ta`uu danda`a. Dabalataanis, yaanni inni barreesse ifaa ta`uusaa, mata-duree kennameefitti yaada sirrii itti dabalee bareessuu danda`uusaa ta`uu danda`a.

Akkasumas duraa duuba yaadaa salphaarraa gara walxaxaattifi keeyyanni guutummaatti tokkummaa qabaachuu isaa madaaluu ta`uu danda`a. Kun hunduu barattooni kallattii hundumaan barreeffama ulaagaa guute tokko barreessuu akka danda`aniif kan taasifamu ta`uusaa ibsu. Akkaataa madaallii kanaan mata dureen barreessuu barsiisuuf dhiyaatu, barattooni karaa guutuu ta`een dandeettii barreessuu akka gonfataniif kan isaan gargaaruudha. Kun immoo ta`uu kan danda`u, adeemsa madaallii walitti fufaa keessatti shaakala wal irraa hin cinne kan geggeeffamu yoo ta`eedha.

2.2.4.Faayidaa Madaallii Walitti FufaaDandeetti Barreessuu Barsiisuu Irratti

Faayidaan madaallii daree barnootaa keessatti kaayyoowwan adda addaf ooluu danda`a. Isaanis:

- Sadarkaa Agarsiisuu (placement)-Barataa tokko sadarkaa kutaa isatiin ramaduuf gargaara.
- Sakkatta`a rakkoo (Diagnostic)-ciminaafi dadhabina barataa kutaa keessaa adda baasuuf.
- Dandeettii safaruu(achievement)-Barataan tokko dandeettii afaanii kamirratti dandeettii gaarii akka horate, beekumsa maalii akka argate adda baafachuuf.
- Raawwii safaruu (pefformance)-ga`umsa barataan tokko waan qabatamaa tokko raawwachuuf qabu safaruu.
- Muuxannoo safaruu (proficincy)-muxannoofi beekumsa walii galaa ogummaa safaruu. Kana malees, dandeettiin barreessuu akkuma dandeettii dubbachuu yaada, fedhiifi hawwii ofii ittiin dabarfatan akka ta`e beektonni tokko tokko ni dubbatu. Achi keessatti wantoonni ulfaatoo namatti ta`an akka jiran dubbatu. Isaanis: qubeessuu, sirna tuqaalee, hiika jechootaa, seerluga, yaada qindeeffachuufi kkf. Akka Madsen(1998) ibsetti.
“Writing like speaking aproductive skill, students express, reflect transfer their ideas

thous and feelings through writing and also writing test in use the great number of factors that can be evaluated such as: mechanics (including spelling punctuation,vocabulary, grammar appropriate content,diction etc. ” jedhee ibsa.

Faayidaa madallii walitti fuaa gama dandeettii barreessuutiin gaafa ilaallu immoo, barattoonni hanqina isan barreessuu keessatti agarsiisanif sakatta`iinsa gochuuf kan nu gargaaruudha.. Sakatta`iinsa godhamu kanaan immoo, hanqina barattoonni adeemsa barreessuu keesatti agarsiisan adda baafachuun, mataduree shaakala barreessuuf ta`u qopheessuuf kan barsiisaan ittiin haala mijeffatuudha. Kun immoo, barattoonni irra deddeebiidhan barreessuu akka shaakalan kan taasifamudha. Barattoonni immoo, gaafa irra deddeebiidhaan barreessuu shaakalaa deeman adeemsa keessa barreffama gaarii tokko barreessuu danda`u. Kanaafiyuu, mdaalliin walitti fufaa adeemsa dandeettii barreessuu keessatti barattoonni shaakala wal irraa hin cinne gohuun dandeettii argamuu malu akka argamsiisanif gumaacha inni qabu daran olaanaadha.

2.2.5.Tooftaalee Madaallii walitti Fufaa

Adeemsa madaallii walitti fufaa keessatti hojii baruufi barsiisuu galmaan ga`uuf tooftaa gara garaa fayyadamuun milkaa`inni barbaadamu argamuu akka danda`u beektoonni ni ibsu. Onuka (2007:29) akka ibsutti, “*contious assessment teaching hve been impression that all material the school is to obtdin acrtificate at the end of acourse” jedha.* Akka ibsa kanatti tooftaaleen madaallii walitti fufaa gocha mana barumsaa keessatti raawwatamuuf, dhuma irratti ragaa kan kennisiisu akka ta`e ibsa.Brown (2003) fi N, Xumaio (2007:29) tooftaa madaallii yemmuu tarreessan,”*Assessment of techniques include among other:portfolios,projects,written assignments,oral questions and answer, and performans assessment” jedha.* Tooftaan kun barattoota fooyyessuuf,sadarkeessuuf yookaan kuffisuuf karaalee murteen ittiin kennamuu akka ta`e ibsa. Akka jechabeektotaatti,madaalliin tooftaa adda addaan hojiirra akka oolu hubachiisu.Isaanis:

.2.5.1. 2Poortifooliyoo

Madaallii walitti fufaa keessatti tooftaa poortifooliyoo, fayyadamuun karaa ittiin hojii baruufi barsiisuu geggeessan keessaa isa tokkoodha.Kunis gochi barattoonni guyyaan guyyaan yookiin xumura wayitii tokkotti raawwatan galmeessanii kaa`uudha.Akkasumas fedhiifi kaka`umsa barattootaa adda baasuun galmeeffachaa deemuun,wanta barattoonni fedhan beekanii akka fedhii

barattootaatti wantoota barattoota milkeessuu danda`u dhiyeessuufii jechuudha.Akkasitti wantoota isaan barreessan kennuufiin jijiirama isaan agarsiisan hordofuun nidanda`ama.

2.2.5.2. Pirojeekti

Tooftaaleen kuni immoo barattoota gareefi dhuunfaan ijaaruun hojii gareefi dhuunfaa akka dalagan taasisuudha.As keessatti baratoonni gareen yeroo ijaaraman muuxannoo wali irraa akka qooddataniifi miira obbolummaa akka horatan kan taasisuudha.Hojii dareen alaas gurma`anii akka hoijjetan kan karaa banuudha.Kana malees wantoota adda addaa dubbisani qalbeeffachuun gara barreffamaatti akka fidaniif kan haala mijeessuudha. (Brown 2003) yemmuu ibsu, “*yeroo barreessan kana yaada burqisiisuun, yaada burqisiisan qindeeffatanii barreffama ergaa qabu tokko dhiyeessuun dandeettii barreessuu isaanii gabbifatu*” jedha.

2.2.5.3. Abbaltii

Malli abbaltiin adeemsa madallii walitti fufaa galmaan ga`an keessaa tokko hojii dabalataa kennuun baratoonni shaakala dhuunfaafi garee akka godha kan taasisuudha. Marouf (2013:20) akka jedhutti,”*Mala kanaan fayyadamanii yeroo madaalliin walitti fufaa geggeeffamu dubbisuufi barreessuu ittiin madaaluuf, akasumas immoo, akka hirmaanna hojii daree, dhaggeeffachuufi dubbachuu madaaluun ni danda`ama*” jedha.Akkasitti wanta isaan itti yaadanii barreessan kennuufiidhaan dandeettii barreessuu isaanii akka gabbifatan gochuun, akka danda`amu ibsa.

2.2.5.4. Qormaata Barreffamaa

Malli kun dandeettii barreessuu barattoota shaakalsisuuf baayyee filatamadha.Sababni isaas mata-duree ofii filatan yookaan kan barsiisaan fileef irratti yaada ofii burqisiisuun kan isaan ittiin dandeettii barreessuu gabbifataniidha. Marouf (2013:20) akka ibsetti,”*Mala kanaan madaalliin gaafa hojiirra oolu bifa lamaan gaaffiin dhiyaachuu akka danda`u ibsa.*”Inni jalqabaa barsiisaan barreffama qopheessee dareetti dubbisuun baratoonni dhaggeeffatanii akka barreessan taasisuudha.Inni biroon immoo,barsiisaan mata-duree qopheessee barattootaaf dhiyeessuu yookiin baratoonni mata-duree filtanii akka barreessan taasisuudha.

2.2.5.5.Gabaasa Afaaniin dhiyaatu

Malli kun immoo waan hojjetame tokko yookaan raawwii waan tokkoo afaaniin gabaasu ilaallata.Marouf (2013:20) akka ibsetti “*Malli kun dandeettii baratoonni waan tokko hubachuufi hiika itti kennuu irratti akka xiyyeffatuu isaa hubachiisa.*”

2.2.6.Ga`ee Barsiisaa Madaallii Walitti Fufaa Keessatti

Mala madaallii walitti fufaa hojiirra oolchuu keessatti barsiisaan karoora isaarrraa eegaleee amma ragaa isa xumuraa kennutti ga`ee guddaa qaba.Sababni isaas karoorri karoorfame dandeettii argamuu malu sana horachuu akka danda`anitti kan itti yaadee qopheessu barsiisaadha.Kana malees wanta karoorfame sana akkaataa inni itti hojiirra oolu kan haala mijessuu danda`u barsiisaadha.Akkasumas ciminaafi hanqia jiru adda baasee gama hanqina jiru irratti højjechuutu irraa eegama.Dabalataanis,qabxii barattootaa seeraan galmeessee barattoota sadarkeessuun raga isa dhumaa kan kennu ta`uu isaati.Harden and Crosby (2000:334),akka jedhanitti, "*Hojii baruufi barsiisuu keessatti madaallii walitti fufaa hojiirra oolchuufi barsiisaan ga`ee guddaa akka qaba,*" jedhu. Kanafiyuu, akka itti barsiisaan madaallii walitti fufaa hojiirra oolchu akka armaan gadiitti ibsamee jira.

2.2.6.1.Madaallii Walitti Fufaa Karoorsuu

As jalatti barsiisaan karoora isaa keessatti dandeetiiisa kamiinan madaala,akkamittan madaalaafi bu`aan isaa maal ta`uu qaba jedhee itti yaadee karoorfachuu qaba.Tooftaalee qabxii walitti qabanii bu`aa xumuraa murteessuuf deemanin waan walqabatuuf itti yaadamee karoorffamuu qaba.Bektonni kana irratti yeroo yaada kennan tooftaa madaallii fayyadamuu wal simsiisee meeshaalee jijiiruun dhimma itti ba`uu akka qaban ibsu. (Bamidel and Benjamin,2016)

2.2.6.2.Qabxii Madaallii Galmmeessuu

Mala kana keessatti madaalliin gaafa geggeeffamu qabxiin argame barattoota kuffisuufi osoo hin taane sirrummaa isaanii adda baasuufi sadarka dandeettii isaanii adda baasuuf kan nama gargaaruudha.Kanaafuu daawwannaq geggeessuufi safaruun jijiirama argame galmeessuuf tooftaa baay`ee barbaachisaadha. Nitko (2004) Bamidle and Benjammin (2016:48) akka jedhanitti, "*Records are poorly kept in many schools.This then makes itti difficult to transfer the source of students from term to term and from session to session as required by the ‘cumulative nature’ of CA as well as the policy of government*" kanaafuu seera madaallii eegee barsiisaan qabxii barattootaa yeroo yerootti argamu imaammata mootummaa bu`uura godhachuun galmeessuu akka qaban ibsu.Tooftaan kun erga madaallin geggeeffamee booda hanqinaafi cimina jiru adda baafachuun murtii fudhachuuf kan nama gargaaruudha.Kana keessatti cimina jiru akkuma jirutti itti fuksiisuu hanqina jiru immoo karaa ittiin fooyyessuun danda`mu mala biraa barbaaduuf kan nama gargaaruudha.

2.2.6.3 Duub-deebii Kennuu

Tooftaan kun erga madaalliin gegeggeeffamee booda hanqinaafi cimina jiru adda baafachuun bu`aa argame irratti yaada kennuu jechuudha.Kana keessatti cimina jiruakkuma jirutti itti fufsiisuuf hanqina jiru immoo karaa ittiin fooyyessuun danda`amu mala biraabarbaaduuf kan nama gargaaruudha.Duub-deebiin barattootaaf gaafa kennamu wanta isaan irratti cimina agarsiisan irratti akkaatuma Sanaan akka itti fufaniif yaada jajjabinaa kennuufii jechuudha. Bakka isaan irratti hanqia agarsiisan immoo, akkaataa isaan itti sirreffachuu danda`an karaa itti agarsiisuu jechuudha. Inni kan biraan immoo, deebii sirreffamaa afaaniin yookaan barreeffamaan kennuufii jechuudha.

2.2.7. Barbaachisummaa madaallii walitti fufaa

Barumsa afaanii keessatti ga`umsa barattootaa akkasumas,adeemsa baruufi barsisiuu akkamitti akka adeemaa jiru beekuufi madaalliin walitti fufaa barbaachisaadha.Barsiisaan afanii tooftaa inni hordofe sirrii ta`usaa beekuuf isa gargaara.Kana malees,barattoonni afaan barachaa jiran ammam akka dandeettii isaanii guddifachaa jiran madaalliidhaan beekama.Madaalliin walitti fufaa adeeemsa baruufi barsiisuu keessatti irra guddeessaan hanqina adda baasuuf kan fayyaduudha. Kun immoo,barsiisaan dandeettii barattoota isaa fooyyessuuf bifaa biraadhaan akka inni karoorfatuuf kan haala mijeessuudha.Kanaa malees,barattoota waan barataniin akka madaalaman kan taasisuudha.

2.3. Yaadiddama Haala Dhi'eenyaa

Barnoota afaanii keessatti faayidaan madaallii inni guddaan barattoonni dandeettiwwan affaanii itiin gahumsa horachuutiin jirenya guyyaa isaanii keessatti milkaa`ina waliigaltee akka qabaataniifiidha. Barenbaum, M.etal(2005) akka ibsanitti,"*Baroota dheeraa darban keessattimadaalliin taasifamaa ture barattootaaf carraa akkasii kan kenu hin turre.*" jedhu. Karaa biraatiin, madaalliwyan baroota dheeraaf raawwatamaa turan barattoonni kan irraa baratan osoo hin taane, kan isaan qoru irratti xiyyeffatee ture. Madaalliin akkasii muuxannoo barattootaa, fedhii barattootaafi dandeetti barattootaa ilaalcha keesa kan hin galchine ture.Haata'u malee, yeroo ammaa adeemsi madaallii, barattoota giduu galeessa kan godhate mana barumsaatti gadi diriiree kan jiruudha.USE(2010)," *Madaalliin baratoota giddu galeessa giadhate jiraachuun madaallii gosa addaa qabaachuurrayyuu, barattoonni si'aayinaan keessatti kan hirmaataniifi deebii mataa isaanii kan kennan ta'uu isaati.*" jedha. Deebiin

kennamu kunis, kaallattii adda addaatiin waan ta'eef, malli madaalliis, akkasuma jijjiiramaa ta'uu akka qabu ibsa.

Kun immoo madaallii walitti fufaa kennuuf kan gargaaruudha. Madaalliin taasifamu immoo hanqinaa fi cimina barattootaa kan sakatta'uufi hanqinicha fooyyeessuf kan geggeeffamuudha. Qorannoон kunis bu`uruma kanaan akka geggeefamu ta'ee jira.

2.4.Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Madaallii walitti fufaa fayydamuun Afaan Oromoo barsiisurratti beektonni gara garaa qoranno geggeessaa turaniiru kanneen keessaa Boqalech (2012) “Qaaccessahaala raawwlii shaakala madaallii walitti fufaan dandeettii Afaan Oromootiin bareessuu.” jedhu geggeessite. Bakki isaas godina Shawwaa Kaabaa magaalaa Fiichee keessatti marneen barnootaa Abiyoot Firee, Abdisaa Aagaafi Bowwaa sadarkaa tokkoffaa marsaa tokkoffaa kutaa 3^{ffaa}tti kan geeffameedha. Kaayyoonsaas, shaakalli madaallii walitti fufaa keessatti dandeetti bareessuu raawwinsaa maal akka fakkaatu xiinxaluu ture. Kana jechuun shaakala madaallii sana kessatti gocha barattoonni adeemsaa barreessuu keessatti raawwatan xiinxaluu ture.

Qarannoон kunis, adeemsaa barreessuu keessatti hanqina barattoonni mullisan tarreese malee, gama barsiisaan adeemsaa madaallii walitii fufaan dandeettii barattoota isaa sakatta'ee tarkaanfii fudhachuu isaa waanibse hin qabu. Walumaa galatti kaayyoowwan qoranno kanneeniifi kan biroon akka sakatta'amanii ilaalamaniittii haala raawwii shaakalaa irratti kan xiyyeeffatedha. Inni biraan hanqinoota barattoonni adeemsaa barreessu keessatii mullisan xiinxaluu ture. Baahiru sayidiin (2016), “*Xiinxala hojiirra Oolmaa madaallii walitti fufaa barnoota Afaan Oromoo: manneen barnootaa sad.2^{ffaa} yaayyoo fi yamboorraatti xiyyeefate,*” ture. Kaayyoon qoranno kanaa, barnoota Afaan Oromo ilaachisee madaalliin walitti fufaa hojiirra jiraachuufidhiisuu, isaa xiinxaluu ture. Hanqinniqoranno kanaas, Afaan Oromoo barsiisuuf, madaalliin geggeeffamaa jiraachuufi dhisuu adda baasumalee, beekumsa afaanii ta'eefi dandeettii afaanii ta'eesaa mata duree irratti wanti ibsame hin jiru.

Darajee Takiluu (2018) “*Hojiira oolmaa madaalliiwalitti fufaa mana barumsaa mootummaafi dhunfaa sad. 1^{ffaa} kutaa 7^{ffaa}fi8^{ffaa}Magaalaa Jimmaa.*”kan jedhu ture. Qorataan kun mana barumsaa mootummaafi dhuunfaa madaallii walitti fufaa,tooftaa isaan ittin hojirraoolchan waldorgomsiise malee, gosa barnootaa keesaa dandeetti isa kamirratti akka waldorgomsiise waan ifa godhe hin qabu. Raggaasaa Asaffaa, (2009/2017) Mata duree hanqina barrattoonni manneen baranootaa Waxee Cimoo Gasaraa sadarkaa 1^{ffaa}magaalaa Gasaaraa kutaa7^{ffaa}Afaan Oromotiin

bareesuu.”kan jedhu bu`ureeffate. As keessatti, kaayyoon isaa akaakuu hanqinoonni irratti mul’atan, madda hanqina dandeetti xiinxaluu kan jedhu ture. Kana irraa kan ka’e akaakuwwan akka hanqinaatti ka’aman: rakkoo qubeessuu, rakkoo itti fayyadama qub-guddeessaa fi keeyyata sirriitti barreessuudhabuu kan jedhu ture. Qorannoon armaan olii baayyeensaa adeemsa barreessuu keessatti hanqinoota barattoonni agarsiisa irratti kan xiyyeefatu ture.

Inni biraan madaallii walitti fufaa barnoota Afaan Oromoo keessatti attamittiin hojiirra oolaa akka jiru kan xiinxalu ture. Inni biroon hanqinoonni mul`atan akaakuu attamii akka ta`an adda baasanii tarreessuu ture. Qoranno kana immoo wanti adda godhu, akaakuu dogoggoraa, hanqioota barattoonni agarsiisan tarreessuufi akkaata itti madaallii walitti fufaa Afaan Oroomoo irratti hojiirra oolu xiinxaluu osoo hin taane, Barsiisonni mana barumsaa Bojjii Dirmajii sadrkaa ^{2^{ffaa}}kutaa 9-12 irraa Afaan Oromoo barsiisaa jiran adeemsa madalii walitti fufan dandeettii barreessuu barsiisuuf attamitti mataduree dandeettii bareesuuf ta`u karoora isanii keessatti akka qopeeffatan, mataduree karoora isaanii irratti qopheeffatan attamittiin hojiirra akka oolchan, hanqina barattoonni adeemsa barreesuu irratti mul`isaniif duub-deebii attamii akka laataniifi adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu akka hin barsiifneef wantoota danqaa isaanitti ta`an xiinxaluudha.

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

3.1.Seensa

Kutaa kana keessatti saxaxaafi irraawwatama qoranichaa, maddi odeeffannoo, qaaccessa rggaleefi qindoominani odeeffannoo walduraa duubaan qaacceffamaniiru. Adeemsa qorannichaa keessatti qoratichi mala qorannoo akkamtaa fayyadameera, crewel, (2007) mala kana yoo ibsu “*we conduct qualitative research because we need complex,detailed understanding of the issues and allowining to tell the stries wahte we have read in literatre*” jedha. Kana jechuun qorannoon akkamtaa sakatta’ a barruu irraa yaada argame dhugoomsuuf fayyada. Sababa qorataan mala kana filateefis malli kun gaffilee maaliifakkamitti jedhuufdeebi kennuu yaala. Kana malees dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan ibsa.

Kanaafiyuu,qorannoo kana geggeesseef barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumsaa Bojjii Dirmajii irraa barsiisa jiran adeemsa madaallii walitti fufaan dundeetti barattoonni isaanii bareessuu irratti qaban fooyyessuuf attamittiin karoorfatanii akka jiran, wanta karoorfatan attamatamittiin akka hojirra oolchaniifi hanqina barattoonni barreessuu irrtti agarsiisaniifi duub-deebii attamii akka isaan laataa jiran adda bafachuudha. Kana malees, Adeemsa madaalii walitti fufaan dandeetti barreessuu barattootaa akka hin fooyyessineef wantoonni danqaa ta`an maalfaa akka ta`an adda baafachuun xiinxaluudha.

3.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kan adeemsifame gosa qorannoo ibsaatiin ta`ee,mala ibsafi sakatta`insaan geggeeffame. Sababa qorannoon kumala ibsaafi sakatta`iinsaan akka adeemsifamu ta`eef ammo, kaayyoon guddaan qorannoo kanaa hanqina itti fayyadama madaallii walitti fufaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumsaa Bojjii Dirmajii: xiyyeffannoon dandeetti barreessuu xiinxaluudha. Qoranno kana keessattis, wanti xiinxalamu, akkaataa itti matadureen dhiyaate attamitti akka hojiirra oole, hanqina mul`ateef duub-deebii attamii akka kennamefi wantoota danqaa ta`an ilaalata.Kanaafuu,raagaawan madda adda addaarraa argaman xiinxaluufis, mala qorannoo akkamtaa fayyadameera. Mala kanaanis, odeeffannoo argaman hanqinaafi cimina jiu himaan qaacessee jira.

3.3.Malleen Qorannichaa

Qorannoonaan kun xiinxala itti fayyadama madaallii walitti fufaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumsaa Boojjii Dirmajii:xiyyeffannoonaan dandeettii barreessuu irratti geggeeffameedha.Qoratichi ragaalee maddoota adda addaa irraa argaman qaaccessuuf mala akkamtatti fayyadame jira. Sababni malli kun filatameefis qorataan rakkolee jiraniif ragaalee bifa ibsaafi himaatiin argamuu danda`u qaaccessuufi mijataadha jedhee waan amaneef.Yaada mala kanaarrati Addunyaa, (2011), yoo ibsu, "*Malleen qorannoohu uura ta`an keessaa inni tokko mala akkamtaati. Malli kun odeeffannoosasilii kan rakkoo qoratamu sana gadi fageenyan dhiyeessuun argannoof haala mijeessuu iratti human qaban xiyyeffata.*" Yaada hayyuu kanaa irraa waanti hubatamu tokko malli akkamtaa odeeffannoohimmi qorannichaa gadi fageenyaan xiinxaluufi mala mijawaa ta`uuhubanna.Haaluma kanaan malli sakatta`a addeessaa (descriptive survey)bal`inaan itti dhimma ba`amee jira. Malli kun ibsa ragaa argamerratti bal`inaan ibsuu dandeessisa waan ta`eef filatameera.

3.4. Madda Ragaalee

Qoranno kana keessatti madda odeeffanno ta`anii kan odeeffannoonaan irraa funaaname madda odeeffannojalqabaafi madda odeeffannoolummffaati. Maddi odeeffannojalqabaa barsiisota mana barumsaa Boojjii Dirmajiiifi barattoota mana barumsichaati. Maddi odeeffannoolummffaai immoo, karoora torbanii, karoora guyyaa, karoora torbaniifibattallee madaaliidhaaf barsiisonni qopheessan irraa odeeffannoonaan walitti qabameera.

3.5. Meeshaalee Odeeffannoonttu Ittiin Funaanamu

Galma ga`iinsa qoranno tokkoof shora guddaa kan qabu keessaa tokko, meeshaalee odeeffannoonttu ittiin walitti qabamuudha.Kanaafiyuu, kaayyoo qorannichaan wal simsiisanii meeshaa filachuun wanta baayyee barbachisaadha.Dastaa (2013:110) Yalew (2006:151) wabeeffachuun akka ibsetti, "*Qorannoohu kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee geggeeffama.Ragaan yookaan odeeffannoohu uura qorannoohu ta`usaati. Odeeffannoohu uura qorannoohu kunis, kaayyoo qorannichaan galmaan ga`uuf mala ittiin funaanamu qaba.*" jedha.Qoratichi qoranno kana si`a geggeessutti meeshaalee funaansa ragaa kan ta`an daawwannaasakaatta`iinsa dookumentii, af-gaaffii barsiisotaafi barattootaa fayyadamee jira. Kana malees, gaaffilee mdaallii barsiisonni barattootaf qopheessan sakatta`uun odeeffannoofunaannatee jira.

3.5.1.Daawwannaa

Daawwannaanmeeshaalee odeeffannoonaan itti funaanaman keesaa isa tokko. Qorataan adeemsa daawwannaan odeeffannoow walitti qabatu kamiyyuu waan daawwachuu barbaade irratti ulaagaalee lafa kaawwatee qaamaan keessatti hirmaatee odeeffannoow walitti qabachuutu irraa eegama.Qorataan qorannoo kanaas, kana bu`uura godhachuun barisiisonni mana barumsaa Boojjii Dirmajii adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii Afaan oromootiin barreessuu barattoota isaanii fooyyeessuuf karoora isaanii irratti mataduree attamittiin karoofatanii akka jiran, isa karoofatan attamittiin akka hojiirra oolchan, duub-deebii attamii akka laatanfi wantoota danqaa ta`an maalfaa akka ta`an daawwatee odeeffannoow walitti qabateera.

Qorataanis, kallattiin keessatti hirmaachuun ragaa qabatamaa walitti qabachuf mala kana filatee jira. Kanaafis, barsiisota mana barumsichaa irraa barsiisaa jiran barsiisota dhiiraa nama sadiifi barsiisota shamarranii nama afur baayyinni waliigala isaannii torba kan ta`e, tokkoo tokkoo isaanii si`a sadii sadii daawwachuun ragaa walitti qabateera.

3.5.2.Af-gaaffii

Meeshaalee odeeffannoonaan ittiin walitti qabamu keessaa tokko af-gaaffiidha.Dasaa (2013:11) akka ibsutti, "*Odeeffannoonaan af-gaaffiidhaan funaanamu wanti adda isa taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennan gaafachuu danda`uu isaati.*" jedha. Kana jechuun namoonni odeeffannoos kennan gaaffii ifa isaaniif hin taane, qorataan sirreessee akka gaafatuuf carraa akka qaban ibsa. Qorataanis ragaa qulqulluu argachuuf, karaa isaaniif galuu danda`uun gaaffii isaa bareechee dhiyeessuuf,mala mijataa akka ta`e nama hubachiisa. Tooftaa kanaan oboeffanno argachuuf jalqaba qoratichi qabxiilee af-gaaffichaaf ta'an qopheeffateera. Itti aansuun qoratichi bsaa/tuu gaafficha dhyeesseef waliin mari'achuun sagantaa erga qabatee booda haaluma sagantichaafi qabxiilee dhiyataniin af-gaaffichi barsiisotaaf dhiyaateera. Barattoota filatamaniifis af-gaaffiin dhiyaatee odeeffannoonaan irraa funanameera.

3.5.3.Dookimentii Sakatta`uu

Meeshaalee ragaan ittiin funaanamu keessaa tokko dookimentii sakatta`uudha. Innis, kan inni irratti xiyyeffatu battallee barattoota madaalliif barsiisoni mana barumsaa Boojjii Dirmajii qopheeffatanii of harkaa qaban, karoora torbaniifi karoora guyyaa isaan qabatanii daree seenan sakatta`uudh.Achi keessattis, wantoonni sakatta`aman dandeettii barreessuu barattoota isaanii dagaagsuuf mataduree dandeettii kanaaf ta`u karoora isaanii irratti akkaataa isaan ittiin

karoorfatanii jiran, akkasumas, battallee dandeettii barreessuu barattootaa madaaluuf ta`u hammachiisanii qopheessuu isaanii adda baafachuudha.

3.6.Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qoratichi madda odeeffannoo filachuuf mala iddattoo fayyadameera. Akkasumas, odeeffannoo gahaafi barbaachisaata`e argachuuf qoratichi barattootaafi barsiisota akka madda odeeffannootti fayyadamee jira. Isaanis mala iddattootiin filatee jira. Akka beektonni jedhaniittiiddattoon garee qorannoон irratti geggeeffamu bakka bu`oota irraawwatamaa qorannichaatti namoota ragaa kenuuf filatamaniidha.Qorannoo kanaaf barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 bara 2014 mana barumsaa Boojjii Dirmajii irraa barsiisaa jiraniifi barattoota mana barusichaa irraa bartaa jiran bu`uura kan taasifateedha. Sababni ani kutaa 9-12 filadheefis, sadarkaa lammaffaa irraa barsiisaa waan jiruuf barattoonni bareessuurratti hanqina qaban baayyinaan mul`atanii waan argamaniif. Dandeettii barreessuu dandeettiwwan jiran keessaa dandeettii ulfaataadha jedhanii barattoonni baayyeen sodaachurraan kan ka`ee waa bareessuuf fedhii hin qaban. Fedhii kana immoo, mdaallii walitti fufaan itti horuun nidanda`ama. Dandeettiin barreessuu immoo, baayyee barbaachisaa waan ta`eef barattoonni soda malee akka shaakalaniif akka haalli isaaniif mijatuuf fedhii waanan qabaadheef mataduree kana filadheera.

Kanas, mala iddatteessuu isakamitti akka fayyadameefi sababa maaliif mala sanatti akka fayyadameakka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

3.6.1.Iddattoo Mana Barumsaa

Qorannoон kun Godina Wallagga Lixaa aanaa Boojjii Dirmajii mana barumsaa Boojjii Dirmajii kutaa 9-12 irratti kan geeggeeffameedha.Aanaan kun manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa 6 qabdi.Isaan keessaa maanni barumsaa 4 magaalaa xixiqqoo ganda baadiyyaa keessatti argaman keessa jiru. Manni barumsaa 2 immoo,magaalaa aanaa irra jiru. Qorataanis,gosa iddattoo mitti carraa keessaa iddatteessuu kaayyeffannaatiin mana barumsaa 1 magaalaa Boojjii Dirmajii irraa filatee jira.Sababa qorataan mana barumsaa kana filateefis, hojii idilee hojjechaa qorannoo kana waan geggeessuuf bakka hojii irraa baayyee fagaatee odeeffannoo walitti qabchuuf waan rakkatuuf, mana barumsaa giddugaleessaan isatti dhiyaatu filatee jira. Kana malees,baajeta hedduu waan gaafatuuf humna qorataa ol ta`uun danqaa waan itti ta`uuf iddo sanatti xiyyeffachuu danda`eera. Kanaafiyuu, qorataan haaluma danda`ameen iddo sana irratti qorannoo isaa geggessee xumuree jira.

3.6.2.Iddattoo Barattootaa

Barattoonni mana barumsaa Boojjii Dirmajii kutaa 9-12 baratan warreen iddaattoof filatamankun akka madda ragaa tokkoffaatti warreen filataman keessaa isaan tokkoodha. Barattoonni mana barumsichaa irraa bara 2014 kutaa 9-12 barachaa jiran baayyinni walii gala isaanii 1243 turan. Isaan keessaa barattoonni dhiiraa 620 yemmuu ta`an, barattoonni shamarranii immoo,623 turan. Isaan keessaa barattoota dhiiraa 44 fi barattoota shamarranii 15 akka iddaattootti filatee odeeffannoo irraa walitti qabateera. Isaan kanas, mala iddatoo miti carraa fayyadameera. Mala iddatoo miti caarraa keessaa immoo mala akkayyoo fayyadameera. Barattoota kutaa 9^{ffaa}daree afur keessaa barattoota sadi sadii filachuun barathoota dhiiraa 8fi barattoota shamarranii 4, walumaagalatti barattoota 12 filateera. Barattoota kutaa 10^{ffaa} daree 5 keessaa immoo, barattoota dhiiraa 9fi barattoota shamaranii 6 walumaa galatti barattoota 15 filateera. Akkasumas, kutaa 11^{ffaa}daree 7 keessaa barattoota dhiiiraa 12fi barattoota shamarranii 9 walumaagalatti barattoota 21 filateera. Kana malees, kutaa 12^{ffaa} daree 4 keessaa Immoo, barattoota dhiiraa 9fi barattoota shamarranii 3 walumaa galatti barattoota nama 12 irraa odeeffannoo walitti qbateera. Sababni ani mala carraa fayyadamuu dhiiseef immoo, barattoota warra kaan caalaatti barattoonni odeeffannoo ga`aa naaf kennuu danda`an namoota adeemsa baruufi barsiisuu seeraan hordofanidha jedhee amantaa waan irraa qabuuf. Dareee barattoonni keessaa filaman tooftaa kaayyeffanaatii filatamanii jiru. Daree barnootaa jiran guutummaa isaa waan fayyadameef mala ammargeetti fayyadameera.

Walumaa galatti, mana barumsaa kana irraa baayyinni barattoota iddaattoof filatamanii 59 yemmuu ta`an af-gaaffiin isaaniif dhiyaatee odeeffannoон irraa funaanameera. Sababa malli kaayyeffannaakun filatameefis, barattoota warra kaan caalaa barattoonni filataman kun gaaffilee qorannichaaf hubannoo ga`aa qabu jedhee qorataan waan itti amaneef xiyyeffaannaan keessaa filatee jira. Ulaagaa qorataan ittiin iddatoo kana filates, barattoota barnoota isaanitti qaxalee ta`an, daree isaanii keessatti sadarkaa keessa jiran irratti xiyyeffateeti. Kana immoo, barattoonni kun madaallii geggeeffamuufi adeemsaa baruu barsiisuu hordofuu danda`u jedhee waan itti amanameef isaani irratti xiyyeffate. Brattoonni kun adeemsaa baruufi barsiisuu keessatti basiisaan yeroo karoora isaa hojiirra oolchu, dandeettii isa kamiin hojiirra oolcha akka inni jiruufi akkamittin akka inni hojiirra oolchaa jiru, barattootawarra kaan caalaa hubachuu danda`u jedhee amantaa waan irraa qabuuf isaan kana filatee jira. Kana malees, duub-deebii barsiisaan kennu hunda caalaa kan hordofuu danda`an isaan kana waan ta`aniif,qorataan isaan irratti

xiyyeffatee filate. Kana irraa kan ka`e qorataan isaan kana gaaffii qoraannoo isaafi deebii ga`aa nan argadha jedhee ammantaa guutuu irraa qabaachuun odeeffannoo barbaadu irraa walitti qabatee jira.

3.6.3. Iddatoo Barsiisotaa

Qorannoo kana geeggeessuuf akka madda ragaa tokkoffaatti kan fudhataman keesaa inni biraan barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Boojjii Dirmajii kutaa 9-12 barsiisaniidha. Ademsa barsiisonni kun ittiin fudhatamanis, iddateessuu mitti carraa keessaa malaakkayyootti gargaarameera. Yaada kana ilaachisee Adunyaan (2011:67) berg (2001:32) wabeeffachuu yoo ibsu, “*When developing a purposeive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population*” jedha. Yaaduma kanaan kan wal qabate kitaabuma isaa kana irratti, “*Iddatteessuun kan qorataan kokko beekumsa dhimmichaarratti qabu irraa ka`ee kanneen odeeffannoo irraa argachhuu danda`u murteessuu ilaallata;akkayyoo kan jedhameefis akka kaayyoo qorannichaatti deebistoota filachuu waan ta`eef,*” jechuun ibsa. Kanaaf qoratichi waa`ee qorannoo isaa ilaachisee ragaa barbaachisu nan argadha jedhee waan amaneef, barsiisota mana barumsichaa irraa Afaan Oromoo kutaa 9-12 barsiisaaa jiran 7 qofa waan ta`aniif akkuma jiranitti fudhatamaniiru.

3.7.Mala Ragaan Ittiin Qaacceffaman

Gochawwan qorannoo kana keessatti hojiirra oolan keessaa tokko mala ragaalee armaan gadiitiin qaacceffamaniiru. Innis, mala akkamtaatiin xiinxalun hojiirra oo lee jira. Sababni isaas ragaa daawwannaan, af-gaaffiin, sakattaa`iinsaan argame jechaan gadifageenyaan xiinxaluuf mijataa waan ta`eef filatamee jira. Haaluma kanaan odeeffannoo bifaa kanaan argame xiinxalee jechaan qaaccessuun, ibsa barbaachisaa jalatti kennun hojiirra oo lee jira. Kannaafiyuu yaanni barsiisotaafi barattootarraa argamanis, yaadota skatta`iinsaafi daawwannaan argaman cimsee jira.

BOQONNAA AFURI: XIINXALA RAGAA

4.1. Seensa

Boqonnaa kana keessatti qaaccessaafi hiika ragaalee sakatta'iinsaa, daawwannaafi Af-gaaffiin funaanametu dhiyaatee jira. Kunis, odeeffannoo sakatta`iinsa gaaffilee madaallii, daawwannaadaree, af-gaaffii barsiisotaa, af-ggffii barattootaa, karoora guyyaafi torbanii irraa argamantu xiinxalamanii jiru. Qorannoo kana keessatti odeef-kennitoonni akka iddatootti filataman barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Boojjii Dirmajii irraa barsiisaa jiraniifi barattoota mana barumsichaatti kutaa 9-12 barachaa jiraniidha. Barsiisonni mana barumsichaa irraa barsiisaa jiran baayyinni isaanii torba yoo ta`u, isaan keessaa dhiirri nama sadii yemmuu ta`an shamarran immoo, nama afur turan. Sadarkaan barnoota isaaniis barsiisonni nama lama digirii 2^{ffa}a yoota`u barsiisonni nama afur immoo, digirii 1^{ffa}a turan. Barri tajaajila isaaniis, wagga 10-20 gidduu yoo ta`u, umuriin isaanii 35-50kan ta`uudha. Barattoota kutaa 9-12barachaa jiran barattoota dhiiraa 44fi barattoota shamarranii 15 iddattoodhaf filamanii jiru. Isaan kun immoo umuriin isaanii 16-20 ture. Isaanis, akka madda odeeffannoo jalqabaatti ragaan irraa funaanameera. Battalleen madaalliif dhiyaatee, karoori guyyaafi torbanii akka madda lammaffaatti odeeffannoonaan irraa funaanameera. Xiyyeeffannoonaan qorannoo kanaa inni guddaanis mana barumsaa filataman keessatti, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisaa jiranadeemsaa madaallii walitti fufaa fayyadamuun dandeetti barreessuu barattoota isaanii barsiisuuf, karoora isaanii keessatti mataduree dandeetti barreessuuuf ta`u attamittiin qopheeffatanii akka jiran, akkamittii hojiirra oolchaa akka jiraniifiduub-deebii attamii kennaan akka jiran adda baafachuudha. Dabalataanis adeemsaa madaallii walitti fufaan barsiisonnimana barumsichaa irraa Afaan Oromoo barsiisaa jiran dandeetti barreessuu barattoota isaanii akka hin barsiifineef wantoonni danqaa isaanitti ta`an maalfaa akka ta`an adda ba`ee jira.

4.2.Qaaccessaafi Ibsa Daawwannaadaree

Dandeettii barreessuu barattoota kutaa 9-12 mana barumsaa Boojjii Dirmajii iraa yeroo ammaa barachaa jiran barsiisuuf akkaataa itti barsiisonni karoorfatanii jiraniifi waan karoorfatan attamiitti akka hojiirra oolchan adda baasuuf daawwannaan daree geggeeffameera. Akkasumas, yeroo dandeettii barreessuu hojiirra oolchan keessatti hanqinoota barattooni adeemsaa barreessuu keessatti agarsiisanii, duub-deebii attamii akka laataniifi adeemsaa madaallii walitti fufaa keesatti dandeettii barreessuu akka hojiirra hin oolchineef wanttooni danqaa isanitti ta`an

maalfaa akka ta`e adda baasuudhaaf daawwannaan daree geggeeffamee jira. Haaluma kanaan, qorataan, gaaffilee qopheeffatee barsiisaa eeyyama gaafachuun daree barnootaa keessa seenuun, akkataa barsiisonni itti karoorfataniifi itti hojiirra oolchan ilaalee jira. Daawwannaan daree geggeeffame kunis, barsiisota Afaan Oromoo mana barumsichaarra barsiisaa jiran torbanuu isaanii yeroo isaan daree seenanii barsiisan karoora torbaniifi kan guyyaa ilaaluudhaan tokkoo tokkoo isaanii si`a sadii sadii daree seenuudhaan daawwatee ragaa walitti qabatee jira. Daawwannaag geggeeffame keessattis, mataduree dandeettii barreessuu barattootaa fooyyessu, barsiisonni haala kamiin karoora isaanii keessatti qabataii daree akka seenan, akkamitti hojiirra akka hoolchan, hanqina barattoonni dandeettii barreessuu irratti agarsiisiif, duub-deebii attamii akka laatan adda baafateera. Kana malees, wantoonni daree keessatti danqaa ta`an maalfaa akka ta`an adda baafatee jira. Walumaa galatti qaccessiifi ibsi ragaalee daawwannaan daree irraa argaman akka armaan gadiitti ka`amanii jiru.

4.2.1.Qaaccessaafi Ibsa Gama Mataduree Filachuufi Karoorsuu

Gama mataduree filachuu ilaachisee, daawwannaan daree taasifame irraa kan hubatamu iddo tokko tokkotti wantoota gaarii ta`antu mul`ata. Iddoo tokko tokkotti immoo, hanqina guddaatu mul`ata. Bakka tokko tokkotti wayitii tokko keessatti mataduree lama karoora tokko irratti filachuutu argama. Fakkeenyaaaf, karoora barsiistuu ‘E’ irratti hanqina mul`ate keesaa tokko, “*Barattoonni xumura barnoota kanaatti amnala keeyyataa ni himu, keeyyata ni barreessu.*” Kan jedhutu ture. Qorataanis kana irraa akka adda baafatetti, wayitii tokko keessatti mataduree lama hojiirra oolchuuf yaaluun akka mul`ate argee jira. Mata duree lama immoo wayitii tokko keessatti hojiirra oolchuun baayyee waan ulfaatuuf, mataduree tokko xumurtee osoo mataduree lammaffaatti hin darbin wayitiin waan jalaa dhumeef mataduree lammaffaa hojji manaa lattee baate.

Barsiisaa “C” biratti immoo, hnqiinni guddaan mul`ate tokko, karoora torbaniifi kan guyyaa of harkaa hin qabu. Guyyaa sadanuu karoora naaf laadhu jedhee qorataan gaafatus, “*Manatti irrnffadheen dhufe*” jedhee deebii laate. Guyyaa sadanuu, yeroo qorataan isa daawwatu, fuuluma kitaabaa gaggala galchee barsiisaa ture. Karoora malee socho`uun immoo, madaallii haqa qabeessa geggeessuuf isa rakkisuun danda`a.. Sababni isaas, wanta barsiisuuf karoofanneefi madaaluuf karoorfanne of harkaa hin qabnu taanaan xiyyeffannoon madaaluun rakkisaa ta`a. Wlumaa galatti akkataa itti mataduree dandeettii barreesuuf ta`u filataniifi itti karoorfatan bakka tokko tokkotti gaarii ta`us bakka tokko tokkotti immoo, hanqinni mul`ate jira. Hanqinoonni

kunis, wayitii tokko keessatti mataduree lama akkaataa xumuramuu hin dandeenyeen qabatanii daree galuufi karoora malee daree seenanii barsiisuudha, Iddoo kanatti, karoora malee daree galanii gaafa barsisan immoo, mataduree dandeetii barreessuuf ta`u attamittiin akka isaan itti karoorfatan tilmaamuun nama rakkisa. Sababni isaas karoora of harkaa waan hiqabneef bakki ciminni isaa iddo sana, bakki hanqqinna isaa immoo, iddo kana jechuun nama rakkisa. Barsiisaan akkasii hojiin isaa qulqullina akka qabaatuuf yeroo hunda karooraan hoogganamuutu isarraa eegama..

4.2.2.Qaccessaafi Ibsa Gama Mataduree Karoorffame Hojiirra Oolchuu

Mataduree karoorfame akkaataa itti barsiisonni hojiirra oolchan ilaachisee iddo baay`eetti haqina gara garaatu mul`ata. Akkuma olitti ibsame, barsiisaa karoora of harkaa hin qabne, maal akka inni raawwatuufi attamitti akka inni raawwatu ibsuun isaa baay`ee nama rakkisa. Sababni isaas, guyya daawwannaan geggeeffame kana sadan barsiisaan kun, fuulua kitaabaa gara galchee, gilgaalotuma kitaabarra jiran hojjechaa deema malee, wantoonni inni bariisuufi karoorfateefi madaaluuf karoorfate wanti beekamaan hijiru. Kun immoo,barsiisaan kunakkasitti karoorfate, akkasitti hojiirra oolche, jedhanii xiinxaluunbaayyee kan nama rakkisu ta`ee argameera.Inni biraan, karoora wayitii tokko keessatti xumuramuirratti barsiisaan mataduree lama qabatee dhiyaatee jira. Iddoo kanatti, dandeettiin barreesuuf matadureen haajiraatuyyu malee, barataan isa kam irratti xiyyeeffatee akka hojjetuufi barsiisaanis, isa kam irratti xiyyeeffatee akka madaalu hiika itti kennuun nama rakkisa.

Fakkeenyyaf Barsiistuu ‘B’n kroora guyyaa ishee irratti, “*Dhuma barnoota kanaatti, barattoonni, amala keeyyataa ni himu; keeyyatas, ni barreessu*” jettee karoorfattee jirtti.Akkasataa qajeelfammaatti, matadureen lama wayitii tokko keessatti hojiirra hin oolu. Akkasumas, wayitii tokko keessatti madaalliin lama hin geggeeffamu. Hata`u malee, mataduree tokko irratti hala adda addaan madaaluun ni danda`ama. Barsiistuun kun, adeemsa raawwii ishee keessatti, osoo amala keeyyataa barsiisaa jirtuu, yeroon irratti waan ga`eef, “*Keeyyata manatti barreessaa kottaa*” jettee hojii manaa laatte. Qorataanis, xiinxala isaatiin akka adda baafatetti, barreeffama barattoonni manatti barreessanii dhufaniin barattoota madaaluun baay`ee rakkisaadha. Sababni isaas, barattoonni, qabxiitti qabama jidhanii waan yaadaniif, nama biraa barreessiisanii gara daree barnootaa fiduu danda`u.Kana malees, barattoonni kun walii walii isaaniirraa akka gara galchaniif carraa uuma. Kanaafiyuu barreeffama manatti barreeffamee

dhufuuun dandeettii barreessuu barattootaa safaruun baayyee rakkisaadha. Hojiin akkasii barsiistuu kana qofa osoo hin taane, barsiisota biraan birattis darbee darbee ni mul`ata.

Barsiistuu ‘C’ birrattis amalli akkasii mul`ateera. Karoora ishee irraa kan isheen qabdu, “*Barattoonni dhuma barnoota kanaatti xalayaa dhuunfaa ni barreessu*” kan jedhu ture. Haata`u malee, wanti hojiirra oolaa ture, waa`ee xalayyaa dhuunfaa barreessuu osoo hin taane, garaa garummaa xalayaa dhuunfaafi xalayaa hojii barsiisuu ture. Akkuma barsiistuu ‘B’ osoo isheen garaa garummaa xalayaa dhuunfaafi xalayaa hojii barsiisaa jirtuu, wayitiin ishee xumuramnan, isaa booda isheen, “*Xalayaa dhuunfaa manatti bareessaa kottaa.*” jettee barattootatti himte. Barsiistuu ‘E’n immoo akka karoorfattetti, “*Brattoonni xumura barnoota kanaatti,xalayaa odeeffannoo ni barreessu*” kan jedhu karoora isheerra qabdi. Kanas, kitaaba barataa kutaa 11^{ffaa} fuula 206 irra kan jiru erga dubbisanii booda haaluma sanaan barreessanii akka fidaniif ajaja itti laatte. Dogoggorri qorataan as keessatti hubates, akkaataa bareeffamee jirutti barreessanii akka fidaniif ajaja laachuun, barattoonni akka yaada isaanii burqisiisaniif haala hin mijessu. Bifuma biraan waan sana galagalchanii fidu waan ta`eef, dandeettii barreessuu barattootaa fooyyessuuf amansiisaa miti.

Bifa wal fakkaatuun, barsiituu ‘F’n karoora ishee irratti, ‘*Barattoonni xumura barnoota kanaatti xalayaa iyyannoo ni barreessu.*’ jettee jirti. Kanas, kitaaba barataa kutaa 11^{ffaa} fuula 204 irra kan jiru erga al tokko dubbisteefii haaluma kanaan barreessaa jettee yeroo isheen itti himtu barattoonni kitaaba of harkaa waan qabaniif, isuma gala galchanii ittilaatan. Qorataanis, wanta inni kana irraa xiinxale, barsiistuuun kun wanta kitaaba barataarra jiru afaaniin dubbisteefii wanta amma dhaggeeffattan kana deebisaa barreessaa jechuun ishee dogoggora akka ta`etti fudahatee jira. Akka hubannoo qorataatti wanti afaniin dubbifamu, wanta bakkeedhaa fidan malee, wanta harka barataa irra jiru barataaf dubbisanifii akka barreessan gochuun dandeettii barattootaa qixa sirrii ta`een madaaluuf nama hin dandeessisu. Barsiisaa ‘G’n immoo, karoora isaarratti, “*Balaabiddi geessisu*” kan jedhu irratti keeyyata tokko akka barreessaniif karoora isaa irraa qaba.

Kitaaba barataa kutaa 12^{ffaa} fuula 136 irra kan jiru ‘*abidda sana dhaamsi*’ kan jedhu bu`uura godhatee, waan isatti dhiyaatu laateef. Barsiisaan kun akkataa inni ittiin mataduree kana dhiyeesse gaarii haata`u malee, barattoota muraasa qofaaf soroorsee ba`uun isaa garu, madaallii barattoota hunda hammate akka hin hirmaachisnetti ilaalam., Sababni isaas, barreessuun deebii dhaabbataa barattoonni walii isaanii irraa sirreffatan waan hin taaneef dandeettiin namoota muraasaa barattoota daree tokkoo bakka bu`uu hindanda`u. Barreessuun kan namni dhunfaan akka hubatetti yaada dhuunfaa isaa burqisiisee qindeessu waan ta`eef, dandeettii barattootaa hunda sakatta`uun dirqama ta`a. Barsiisaa ‘H’s wanti barsiisaa kana irraa adda godhu, mataduree

gara garaa qabaachuu qofa. Adeemsi isaan adeeman garaa garummaa tokkoyyuu hin qabu. Adeemsi akkasii immoo, barattoota garee muraas qofarratti akka xiyyeffatan nama taasisa. Sababni isaas barattooni dandeettii barreessuu keessatti danderettii addaa qabaachuu danda`u. Inni tokko qubeessuu sirriitti nidanda`a yoo ta`e, inni biraan immoo, quubeessuu irratti dogoggora baayisuu danda`a. Inni kan biraan, yaada burqisiisuu yoo danda`e, inni tokko immoo, jechi tokkoyyuu dhufuufii dhiisuu danda`a. Akkasumas, barataa biraan yaada qindeesee barreessuu kan danda`u yoo ta`e, barataa biraan immoo, dandeettii akkasii dahabuu danda`a. Barattooni hubannoo qaban irraa kan ka`e, dandeettii adda addaan wal caaluu danda`u. Isaanis: jechoota filachuu danda`uu, yaada gurmeessuu danda`uu, hima ijoo, hima callafi hima goolabaan kanqindatee keeyyata sirrii barreessuu kan danda`an jiraachuu nidanda`u. kana malees, tokkummaa yaadaa tartiiba yaadaafi walqabatiinsa yaadaa sirriitti eeganii kan barreessan jiraachuu danda`u.

Kanaafiyuu, barattoota dandeettii barrssuu irratti hubannoo adda addaa qaban iddo tokkotti finnee dandeettii barttoota muraasaan barttoota madaaluun baayyee rakkisadha. Rakkoo kana furuuf barsiisaan, waraqairratti barreessiisee funaannatee galee, barreeffama barattootaa sakatta`un hanqina barattooni barreessuu keessatti agarsiisan adda baafachuun, duub-deebii barreeffamaa kennutu irraa eegama ture. Walumaa galatti odeeffannoo argame irraa akka hubatamutti adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu barattootaa guddisuuf akkaataa itti barsiisonni waan karoorfatan itti hojiirra oolchan baayyee lafaa ta`uunsa hubatamee jira. Sababni isaas, akkaataa barattoota hunda hirmachiseen geggeeffamaa hin jiru. Akkaataa hojiirra oolchuu irratti barsiisonni, daree keessaa barattoota xiqqoo qabtanii socho`aa waan jiraniif akkaataa barbaachisummaa isaatti barattoota hunda hirmaachisaa hin jiran. Gochi isaaniis, kan barattooni hanqina isaanii irraa hubtanii ofqajeelchan osoo hitaane callisanii dabtara soroorsanii itti deebisuu ture.

4.2.3. Qaaccessaafi Ibsa Gama Duub-deebii KennuunMul`atu

Gama duub-deebii kennuu ilaachisee daawwanna daree taasifame irraa kan hubatame, amma qorataan daree seenee daawwatetti dandeettii barreessuu ilaachisee barsiisonni jechaanis ta`e, barreeffamaan osooo duub-deebii kennanii hin agarre. Wanta daree keessatti barattoota barreessiisan, kan barattoota muraasaa fuudhanii soroorsanii itti deebisaa turan. Qorataanis, dabtara barttooni soroorfatan harkaa fudhee gaaf ilaalu, barsiisonni tokko tokko bakka dogoggora jedhanirra, mallattoo "X" irra ka`anii itti deebisan. Barsiisonni tokko tokko immoo,

iddoodhumaa tokko duwwaa soroorsanii itti mallatteessanii barattootattii deebisaa turan. Qorataanis, hanqinoota mul`atan kana irratti hundaa`ee akka xiinxalee, barsiisan mataduree barattoonni irratti barreessan keenneefii gaafa dabtara isaanii soroorsu hanqina isaan barreessuu irratti mul`isan adda baasee, akkaataa isaan wanta dogoggordan sana sirreffatan itti himuutu irra ture. Yookaan immoo, wanta isaan dogoggordan sana sirreessee akka isaan hubatan gochuutu irra ture. Haata`u malee, gochi akkasii osoo daree keessatti calaqqisuu qorataan hin agarre.

4.2.4. Qaaccessaafi Ibsa Adeemsa Madaallii Walitti Fufaan Dandeettii Barreessuu Daree keessatti Akka Hin BarsiifneefWantoota Danqaa Ta`an

Adeemsa madaallii walittufaan dandeettii barreessuu daree keessatti akka hin barsiifneef, wantoota danqaa ta`an keessaa tokko baayyinna barattootaati. Baayyinni barattootaa amma daree tokko keessatti ramadamuu malu, ol yoo ta`an, barattoota kana hundumaa dhuunfaadhaan dandeettii isaan barreessuu irratti qaban adda baasuun baayyee rakkisaadha. Qorataanis, daawwannaag geggesse keessatti, barattoonni daree tokko keessa jiran, 60 ol ta`uu isaanii mirkaneeffatee jira. Kun immoo daree keessatti wayitii tokko keessatti barattoota hamma kana baayyatan dhuunfaadhan sakatta`anii dandeettii isaanii adda baasuun waan hin danda`amneedha. Inni biraan haalli teessumaa mijataan akka hin jirre, qorataan mirkaneeffateera.

Daree daawwate keessattiteessuma tokkorra barattoonni hanga afuriitti irra ta`anii wal dhiibani waan barataniif, wanta isaaniif kenname yada tasgabaayeen barreessuu hin danda`an. Yeroo barreessanis, barattoonni walii walii isaaniirraa osoo gara galchanii qorataan mirkaneeffatee jira. Rakkoon kun hundinuu kan madde, barattoonni daree keessatti humnaan olitti baayyachuu irraa kan ka`eedha. Walumaa galatti dandeettii barreessuu barattootaa dagaagsuuf, akkaataa barsiisonni itti karoorfataniifi akkaataa isaan isa karoorfatan hojiirraa oolchan, qorataan gaafa walitti qabee xiinxalu bakka tokko tokkotti ciminni guddaa mullatee kan jiruudha.. Bakka tokko tokkotti immoo, hanqinni akka jiru, bira ga`ee jjira.

Gama karoora keessatti mata duree dandeettii barreessuuf ta`u qabaachuutiin barsiisota baayyee biratti ciminni kan mul`atu yoo ta`u, barsiisota tokko tokko biratti immoo hanqinni akka mul`tu bira ga`ee jira. Wantaa karoorsan akkaataa barbaachisummaa isaatti hojiirraa oolchuu irratti immoo, barsiisonni hunduu haqina mataa isaanii akka qaban xiinxalee jira. Innis, bariisonni tokko tokko waan karoora guyyaa keessatti qopheeffatanitti kallattiin osoo itti hin galin, mataduree biraan irra osoo jiranii yeroon duraa dumaa ture. Kana malees, madaallii hunda

hammate hirmaachsuu dadhabuun hubatameera. Gama duub-deebii kenuunis, daawwannaan geggeeffame keessaati wnti qabatamaan argame hin jiru.

Dndeettii kana akka hojiirra hin oolchineef daree keessatti wantoota danqaadha jedhaman keessaa, barattoonni humnaa olitti danachuudha.Kun immoo, barsiisonni dandeettii barattoonni dhuunfaan qaban tokko tokkoon bira ga`anii sakatta`uun waan yeroo gafatuuf bayyee rakkisaadha. Kana qofaas osoo hitaane, barattoonni teessuma tokkorra afur ta`anii taa`uun,akka isaan wal dhiphisaa ta`an waan godhuuf barattoonni yaada bilisa ta`een yaada isanii qindeeffatanii barressuu hin danda`an.Inni kan biroon, barattoonni kun waan barreeffamu walii walii isanii irraa akka gara galchaniif carraa huuma. Kanaafiyuu barsiisaan karaa gama isaatiin, bifaa dnda`ameen haala mijeessee barattoota kana dandeettii barreessuu gonfachiisuutu irraa eegama.

4.3. Qaaccessaafi Ibsa Deebii Af-gaaffii Barsiisotaaa

Deebiin af-gaaffii barsiisota irraa argame akka itti aanee jirutti qaacceffamee jira. Adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii Afaan Oromoon barreessuu, barattoota keessan barsiisuuf akkamitti karoorfattanii jirtu? Gaaffii jedhameef barsiisoinni Afaan Oromoo barsiisan yeroo deebii kennan "*Akkaataa barattoota hirmaachisuun, akkataa kitaaba barataa irratti dhiyaatee jiruun karoorfannee jirra*" jedhan. Yaada isaaniis gaafa ibsan, mataduree isaan qopheessan dandeetii barattootaa ol ta`ee akka barattootatti hin ulffaannetti, akkasumas,bayyee salphatee akka barattoota hin jibbisiinetti akka dhiyeessan dubbatu. Akkataa itti mataduree haara qopheeffatanis, akkasitti ibsu, "*Haala mataduree barannoo jalatti dhiyaateen kan wal madaalu bakkedhaa finnee barattootaaf dhiyeessina.*" jedhan. Kana irratti yeroo ibsa kennanis, mataduree barattoonni, irratti hubannoo qaban kan dandeettii barattootaa ol hin taane akka ta`e ibsa itti laatanii turan. Akkasumas, barattoonni akka fedhii isaaniitti waan irratti hubannoo qaban filatanii akka barreessaniif carraa akka laatanifi ibsa isanii keessatti kaasanii turan.

Barsiisaan karoora of harkaa hin qabnes, akkuma warra kaniitti yaada isaa ibsatee jira.Barsiistuu biraan immoo, gaaffii oliitti dhiyaateef, gaafa deebii laattu Battallee kenuu,dabtara soroorsuu, qormaata giddu galeessaafi qormaata xumuraa kenuufii malee madaallii biro geggeessaa akka hin jirre ibsite. Warra amma kanaa olitti ibsitee ala madallii maaliif hin geggeessine? Gaaffii jedhameef yeroo deebii laattu, "*Qajeelfamni mana barumsaa nutti kenne kana qofa waan ta`eef, isaa ala hojeechuu hin Danda`u.*"jette.Hata`u malee, barsiistuuun kun karoora waggaan bariisaa biraan baase irraa karoora torbaniifi guyyaa qopheessaa waan jirtuuf, karoora isheerra,

matadureen dandeetti barreessuuf mijatu akka jiru qorataan argee jira. Barsiisttuun kun madaallii walitti fufaan, qabxii qabuu qofaaf akka waan ta`eetti hubattee waan jirtuuf yaada ishee akkasitti laachuu dandeesee jirti. Mataduree dandeettii barreessuuf ta`u kan karoora keessanirraa qabdan attamittiin hojiirra oolchaa jirtu? Gaffii jedhuuf deebii yemmuu kennan, “*Barattooni mataduree isaaniif kennname irratti yaada burqisiisanii keeyyata akka barreessaniif dhuunfadhaan isaniif laanna.*” jedhan. Akkasumas, “*Gareen mari`atanii akka barreessan goon*” jedhan. Gaafa kana ibsanis, matadree laanneefii barattooni mataduree kennameef irratti waliin mariyatani keeyyata akka barreesan taasisaa akka jiran ibsan.

Wanta barattoota barreessiisitan, barattoo hundaaf soroorsituu? Gaaffii jedhuuf deebii yemmuu kennan, “*Barattoota hundaaf soroorsuuf yeroon waan nu higeenyef, barattoota muraasaf soroorsina*” jedhan. Qoratanis, yaada kana irraa akka xiinxalatti, madalliin barattoota hunda hammate geggeeffama akka hin jirre mirkaneeffatee jira. Hanqina barattonni adeemsa barreessuu keessatti ml’isaniif duub-deebii attamii laattu? Gaffii jedhuuf yeroo deebii kennan, “*Bakka isaan dogoggoranirra mallatoo (X) keenya*” jedhan. Qoratanis, yaada kana irraa akka xiinxalatti, duub-deebin sirreffamaa afaaniinis ta`e, barreffamaan akka hin jirre mirkaneeffatee jira. Aeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu akka hin barsiifneef wantoonni danqaa isinitti ta`an maalfa`i? Gffii jedhuuf yeroo deebii kennan, “*Bayyinni barattootaa daree keessatti humnaa ol*” jedhu.

Akkasumas, “*Wayitiin torbanitti Afaan Oromoof qoodames xiqoodha.*” jedhu. Iddoo tokko tokkotti immoo, dandeettii barreessuu madaaluu irratti barsiisonni sirna tuqaaleefi qubeessuu qofaa irratti xiyyeffachaa akka turan qorataan mirkaneeffatee jira. Gama mataduree dandeettii barreessuu barattootaa fooyyesuuf mijatu filachuun basiisonni yroo yaada isaannii kennan akkaataa barbaachisummaa isaatti dhiyyssaa akka jiraniifi barattootttoonnis, akka fedhii isaaniitti mataduree hubannoo irratti qaban akka filatanii barreessaniif jajjabeessaa akka jiran ibsanii jiru. Qoratanis, daawwanna Isaatiin akka adda baafatetti, barsiisota baayyee biratti karoori gaariin akka mul`atu argee jira.

4.4.Qaaccessaafi Ibsa Deebii Af-gaaffii Barattootaa

Deebiin af-gaaffii barattoota irraa argame akka itti aanee jirutti qaacceffamee jira. Adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu isin barreessiisuuf, barsiisonni keessan attamittiin karoorfatanii jiru? Gaaffii jedhuuf barattooni deebii yemmuu kennan, “*Akkataa nuti keeyyata barreesinuun, yaada hin xumuramin hafe akkaataa nuti xumurruun, yaada tokko gabaabsinee*

yookaan dheerressinee akkaataa nuti barreessinuun nuuf kennama” jedhan. Adeemsa madaallii walitti fufaa kessatti dandeettii barreessuu isin barsiisuuf, mata-duree barreessuuf ta`u, karoora isaniirraa qaban barsiisonnikeessan attamiin hojiirra oolchaa jiru? Gaffii jedhuuf yeroo deebii kennan, “*Dhuunfaadhaan keeyyata nubarreessisiisu, gilgaalota keessatti yaada jalqabamee hin xumuramin jiru akka nuti xumurru nu taasisu; wanta gabaabbatee barreeffame akka dheeressinee barreessinuusi wanta dheeratee barreeffame akka gabaabsinee barreessinu nutaasisu*” jedhan. Yeroo tokko tokko mtaduree tokko irratti gareen mari`atanii namni tokko qofaan akka barreessu taasisuun akka jiru ibsanii turan.

Qorataanis yaada kana bu`uura godhachuun akka xiixaletti, akkaataan hojiirra oolmaa iddo kanaa dandeettiin barreessuu garee keessaa nama tokkoo qofa irratti kan xiyyeffate akka ta`e mirkanoeffatee jira. Wanta barreessitan daree keessatti imoo, manatti barreesitanii dhuftu? Gaffii jedhamef barattooni yeroo deebii laatan, “*Daree keessattis, manattis, baarreessinee dhufna.*” jedhan. Daree keessatti wan barreessitan barsiisaan yerooma sana isiniif soroorsaa? Gaaffii jedhuuf deebii yeroo kennan “*Yeroo tokko tokko daree keessatti kan barattoota muraasaa soroorsanii ba`u; yeroo tokko tokko immoo, waraqaa irratti nu barreessisanii funaananii gara manaatti fuudhanii galu*” jedhan. Barsiisonni keessan, wanta isin waraqaa irratti barreessitan gaafa manatti fuudhanii galan soroorsanii duub-deebii irratti barreessanii isiniif deebisuu? Gaaffii jedhameef, yeroo deebii laatan, “*Waraqata qormaataa yoo ta`e malee, wanta dareetti barreessinu nuuf hin deebisan*” jedhan.

Qorataanis, daawwannaal geggesseefi gaaffii barattoota irraa argate wal simsiisee gaafa ilaalu, barsiisota tokko tokko biratti karoorfachuu irratti ciminni akka jiru mirkanoeffatee jira. Haata`u malee, bakka tokko tokkotti immoo, hanqinni guddaan akka mul`atu mirkanoeffatee jira. Gama hojiirra oolchuun garu, barsiisonni hundinuu hanqina mataa isaanii qabu. Hanqinni jiraachuun isaas, deebii barattooni kennaniifi daawwannaal geeggeeffameen kan bira ga`ameedha. Hanqinoonni mul`atan kunis, haala barattoota hunda hammateen dandeetti barattooni barreessuu irratti qaban sakatta`uun akka hin jirre hubatamee jira. Kana malees, hojii gareef kennamu keessatti, nama tokko qofaaf carraan barreessuu akka kennamu hubatame jira. Akkasumas, adeemsa dandeettii barreessuu barattootaa fooyyessuun danda`amuun deemama akka hin jirre bira ga`ameera. Kunis, wanta barattooni barreessanii barsiisaatti kennan, barsiisaan soroosee hanqina barattooni barreessuu irrattimul`isaniif duub-deebii osoo hin kennin hafuun adeemsa dogoggoraat ta`uun isaa hubatamera.

Adeemsi akkasii immoo, barattoonni ciminaafi hanqina isaanii akka adda hin baafanne daangessa waan ta`eef, akkaataan raawwii kun haqina mataasaa kan qabuudha. Barattoonni waan al tokko barreessan irratti dogoggora isaanii hin hubatin yoo hafan, hojii isaanii itti aanu sreeffachuu hin danda`an. Dogoggorma kaleessaan itti fufuu danda`u. Kanaafiyuu, barsiisaan hojii barattootaa seeraan qulqulleessee haqina mul`ateef duub-deebii kennuutu iraa eegama. Hanqina isin dandeettii barreessuu keessatti mul`iftaniif buub-deebii attamiitu isiniif kennname? Gaaffi jedhuuf yeroo deebii laatan “Bakka qubeessuufi sirna tuqaalee irratti dogoggora agarsiifne irratti mallatloo ‘X’ kaa`u” jedhan. Bkka mallatloo ‘X’ irra ka`an sanas, akkaataa isaan itti sirreffatan yaada akka isaaniif hin laanne ibsan. Qorataanis, daawwanna geggesseefi duub-deebi barattootaa wal simsiisee gaafa xiinxalu duub-deebii ga`an akka hin jirre mirkaneffatee jira.

Barattoota sadarkaa 2^{ffa} irraa baratan, dandeettii barreessuu isaanii fooyyessuuf hanqinaqubeessuufi sirna tuqaalee qofaa irratti baay`naan xiyyeffachuun gocha yaraa ta`uu isaa qorataan mirkaneffatee jira. Sadarkaa kanatti kan barattoonni madaalamuu qaban baay`een isaa kanneen kanatti aananii jiran ta`uu qaba ture. Isaanis: yaada burqisiisuu, yaada burqisiifame qindeessuu, hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa sirnaan keeyyata keessatti fayyadamuu danda`uutu irra eegama ture. Kana malees, waan barreessan keessatti tokkummaa yaadaa, tartiiba yaadaafi wal qabatiinsa yaadaa attamittiin, barreffama isaanii keessatti hiriirsanii akka jiran irratti madaalliiin haalaanosoo geggeffamee, kan wayyu ture. Sababni isaas, barattoonni kun sadarkaa kana booda, gara sadarkaa olaanaatti gaafa ce`an barreffama guutuu ta`e tokko barreessuutu irraa eegama waan ta`eef dandeettii isaan horachuu qaban irra caalaan isaa gara isaan kanaatti yoo ta`e gaarii ta`a.

Adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu akka isiniin hin barsiifneef wantoonni basiisota keessanitti danqaa ta`an maalfa`i? Gaaffii jedhameef, barattoonis, deebii gaafa kennan, “*Baayyina barattootaafi xiqqeenya wayitii torbaniif qoodamee, yeroo baayyee akka rakkotti dubbatu.*” Jedhan. Kanaafiyuu gaaffilee gilgaalotaa tokko tokko darbanii darbanii keessaa hojjetanii isakaan isinumti hojjedhaa bira ga`aa akka isaaniin jedhan yaada isaanii ibsanii turan. Qorataanis, daawwanna geggesseefi deebii barsiisotaafi barattootaa wal simsiisee gaafa xiinxalu wantoota walfakkaataa argee jira. Innis, baay`nni barattootaa daree tokko keessatti argamanii 60 ol akka ta`e hubatee jira. Wayitiin barnootaa torbanitti qoodames, 2 qofa akka ta`e beekamaadha. Kanaafiyuu, wayitii tokkotti kan barataa hundumaa sakatta`anii bira ga`uun hin

danda`amu.Haata`u malee waan barattooni barreessan manatti fudhatanii galanii sakatta`uun ni danda`ama ture. Wayitiin xiqqaachuun hanga tokko dhiibbaa haaqabaatu malee, barsiisonni iddo sanaa baayyeen isaanii torbanitti wayitii afur afur qabu wan ta`eef haala mijessanii barattoota kana adandeettiibarreessuu gonfachiisuu ni danda`u ture.

4.5. Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee Sakatta`iinsa Dookimentii

Ragaa sakatta`iinsa dookimentii irraa argame akka itti aanutti qaacceffamee jira. Innis, itti fayyadama madaallii walitti fufaan barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumsaa BoojjiiDirmajii irraa barsiisan, dandeettii barreessuu barattoota isaanii barsiisuuf mataduree isaan karoora guyyaafi torbanii keessatti dhiyeessanii jiraniifi battallee isaan barattoota ittiin madaaluuf qopheeffatan sakatta`ee qaaclessee jira.Battallee isaan ittiin barattoota madaalanii qabxii qaban akka fakkeenyatti gara dhumaatti kan argamu ta`a.Qorataanis, xiinxala isaatiin akka adda baafatetti battallee barsiisonni barattoota madaaluudhaaf qopheessan kan dandeettii barreessuu barattootaa madaalu hammatee dhiyaate miti.Battallee baayyeensaa akka barattooni yaada isaanii ibsaniiif gaaffii qabatee dhiyaate hin qabu. Wanta barreessuu ilaallatu keesaa bakka duwwaa akka guutan qofaatuu keessatti mul`atee jira.

Bakka daawwannaakennametti jecha guutuu qofaan immoo, barattoota sadarkkaa 2^{ffa} kan madaalu miti. Sadarkaa kanatti jecha barreessisuun madaaluun baayyee dandeettii isaanii gadi ta`ee mul`ata. Iddo tokkotti ajaji kennname, “*Ibsi*” kan jedhu ture. Gaaffiin kennname garu, hima ciigoo Afaan Oromoo keessaa dubbii dachaa, soorgoofi sookoo akka addaan baasan ture. Kanaafiyuu, wanti ibsi itti kennmu wanta barataan yaada burqisiisee, yadda burqisiise sana qindeessee, babal`see barreessu achi keessatti hin mul`anne,malleen dubbii dhiyeessaniisiifii yaada mul`ataafi yaada dhokataa addaan baasisuun dandeettii ibsuu barattootaa kan mirkaneessu miti. Walumaa galatti baattalleen dhiyaate kun akkaataa barbaachisummaa isaatti dandeettii barreessuu barattootaa madaalu, hammatee akka hin dhiyaanne, qorataan mirkaneeffatee jira.

Mataduree dandeettii barreessuu barattootaa barsiisuuf barsiisonni mana barumsaa Boojjii Dirmajii karoora isaanii irratti qabatanii dhiyaatan akka fakkeenyatti gara dhumaatti kan argaman ta`u. kan brsiisonni dandeettii barreessuu barattoota barsiisuuf karoora isaanii keessatti qabatanii dhiyaatan, qorataan sakatta`iinsa godheen kan mirkaneeffateedha. Isaan kanaan alattis, yaadota jalqabamanii osoo hin xumuramin hafan akka barattooni xumuraniif, kan karooffamee jiru argeera. Isaanis, wanta dheeratee barreeffamee akka gabaabsanii barreessaniifi wanta gabaabbatee barreeffamee immoo, akka dheeressanii barreessaniif karoora barsiisotaa irratti

argeera. Kana malees, himoota duraa-duubni isaa wal keessa makamee jiru duraa- duuba isaa sirreessanii barattoonni akka keeyyata barreessaniif karoora isaniirra jiraachuu argeera.

Akkuma daawwannaajalatti ibsame, barsiisonni baayyeen gama karoorfachuutiin cimina guddaatu karoora isaanii irraatti mul`ata. Akkuma barsiisonni baayyeen karoorfachuu irratti cimina qaban, barsiisonni baayyeen immoo, hanqina mataa isaanii qabu. Walumaa galatti karoorri ba`ee jiru gaafa sakatta`amu hanqinasaa caalaa ciminni isaa akka caalu qorataan xiinxala geggesseen mirkaneeffatee jira.

5. BOQONNAA SHAN: GOOLABAIFI YAADA FURMAATAA

Boqonnaa kana jalatti dhimmoota gurguddaa lama irratti xiyyeffatamee jira. Isaanis: cuunfaa qorannichaa fi yaada furmaataatu jalatti dhiyaate jira.

5.1. Goolaba

Qorannoon kun xiinxala itti fayyadama madaallii walitti fufaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumsaa Baajjii Dirmajii:xiyyeefannoон dandeetti barreessuuti. Meeshaalee funaansa ragaalee qorannichaa keessaatti kan dhimma itti ba'ame:daawwanna, sakatta`iinsa dookimentii, af-gaaffii barsiisotaa fi barattoota irraa argaman adeemsa qoronnnoo akkamtaatiin qaacceffamanii ibsamaniit jiru. Odeeffannoo argamanirrattis hundaa'uun yaadoleen argannoo hanqina itti fayyadama amadaallii walitii fufaan dandeetti barreessuu barsiisuu irratti xiyyeffate irratti mul'atan cuunfamanii dhiyaatanii jiru. Akka bu'aan xiinxala itti fayyadama madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu barsiisuu mul'atee jira. Kanas qorataan karaa adda adaafi qaamolee adda addaarraa mirkanoeffatee jira. Karaan inni ittiin mirakneeffates, daawwanna daree, kana jehuun mataduree dandeettii barreessuuf ta`u karooraisaanii irratti kan barsiisonni qabatanii daree seenaniifi haala hojjira oolmaa isaa jechuudha.

Inni kan biraan sakatta`iinsa battallee madaalliidhaaf, barsiisonni barattootaaf dhiyeessaniidha. Akkasumas, gaaffii afaanii barsiisotaafi barattootaaf dhiyaaterra deebii argame irratti hundaa'uun kan qaacceffameedha. Ragaa karaa gara garaa walitti funaaname kana bu'uura godhachuun qorataan xiinxala gaafa geggeessu, barsiisonni mana barumsaa Boojjii Dirmajii kutaa 9-12 Afan Oromoo barsiisaa jiran adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu barattoota isaanii barsiisuuf mataduree filachuufi karoorfachuu irratti, kaka'umsi gaariin iddo tokko tokkotti yoo mul`ataniyyuu bakka tokko tokko immoo hanqinni guddaan akka jirus mirkanoeffate jira. Gama hojiirra oolchuufi duub-deebii kennuunis, akka waliigalatti hnqinni guddaan mul`ateera. Hanqinaalee mul`atanis akka kanatti aananii jiraniidha. Isaanis: mataduree lama kan wayitii tokko keessatti xumuruu hin dandeeny'e fudhatanii daree seenuu, mataduree karoorfatan akkaataa barbaachsummaa isaati hojiirra oolchuu dadhabuutu ml`ata. Kana malees, karoora malee daree seenuufi duub-deebii ga`an dhabamuun mul`ate jira. Inni biraan baayyinni barattoota humnaa ol ta`uun akka danqaa tokkootti hubatamee jira. Akkasumas, xiyyeffannoон madaallii baayyinaan sirna tuqaaleefi qub-guddeessa irratti xiyyeffatameetu mul`ata. Iddoo

tokko tokkotti immoo, madaallii walitti fufaa irratti hubannoo dhabuutu mul`ata. Dabalataanis, dandeettii barattootaa bifaa wal fakkaatuun sakkatta`uun akka hin mul`anne bira ga`ameera.

Walumaa galatti itti fayyadama madaallii walitti fufaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumaa Baajjii Dirmajii: Xiyyeeffannan dandeettii barreesuu ilaachisee sakatta`insa taasifameen rakkaaooleen garagaraa akka mul`atan xiinxala godhameen bira gahuun danda`ameera. Kanaafuu yaadoleen armaan olitti arganno jalatti eeraman kunniin fala akka argataniif qaamoleen dhimmi kun isaan ilaallatu xiyyeeffannoon irratti hojjechuu qabu. Isaanis, superviizeroota, hooggantoota manneen barnootaafi barsiisota ta`u. Hooggantoonni

manneen barnootaafi supheerviizeroonni hordoffii gahaa gochuu dadhabuurraa kan madde, barsiisonni akkaataa barattoota fooyyessanitti osoo hin taane akkaataa fedhii isaaniitti madaalliigeggeessaa jirachhun isaanii daawwannaag geggeeffameen hubatameera. Kana jechun dandeettii barbaadame barattoota horachiisuuf madaalliiin dandeetti dhuunfa saka`atta`uuf geggeeffame hin jiru.

Kana malees, barsiisaan yoo itti tole karoora baasee, kan itti hintolle immoo, karoora malee akka barsiisu kan taasise hordoffii ga`aan dhabamuu isaati. Akkasumas, muuxannoo wal jijiirra barsiisotaafi barsiisota gidduutti, manabarumsaafi mana barumsaa gidduutti dhabamuunis, rakkoo hooggantoota manneen barnootaa irraa madduudha. Muuxannoo wal jijiirraan osoo jiraatee, hanqinaafi cimina ofii isaanii kan biraa irraa baranii of fooyyessuu ni danda`u ture. Kana babal`issuuf immoo, ga`ee guddaa kan qabuu hooggantoota manneen barnootaati. Akkasumas, leenjiin hojiirraa dhabamuunis rakkoo kana babal`issuuf ga`ee guddaa kan qabuudha.

5.2 Yaada Furmaataa

Qorannoo amma ammaatti gaffeffame keessatti xiinxalli itti fayyadama madaallii walitti fufaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumsaa Boojjii Dirmajii: xiyyeeffannoodandeettii barreessuu irratti, rakkoleen mul`atan addeemsa qorannichaan adda aba`anii jiru. Kutaa kana jalatti immo, yaadolee arganno, goolaba keessati mul`ataniif yaadolee furmaataa ta`uu ni danda`u jedhee kan yaade, qorataan qorannoo kanaa hanga hubatetti yaadolee, armaan gadiidhiyessee jira. Isaanis:

- Barsiisonni karoora ittiin hoogganaman hin qane karoora dandeettii barreessuu barattotaa fooyyessuu danda`u qabatanii gaafa hundumaa akka argaman.
- Barsiisonni karoora isaaniirraa dandeetti barreesuu barisuuf ta`u qabatanii daree seenanii hojiira oolchuu irratti hanqina qaban, akka karoora isaaniitti akka hojiirra Oolchan.

- Barsiisonni madaallii walitti fufaa fayyaadamuun dandeettii barreessuu barattootaaa fooyyessuu, akka waan qajeelfamni dhorkameetti ilaalan, hubannoo isaanii sirreffachuutu irraa eegama.
- Barsiisonni madaallii gaafa geggeessan gar tokkoofsoroorsanii gara biroo dhiisanii dareedhaa bahuun barattoota bifa tokkoon madaaluutu irra eegama.
- Barattoota hundaaf duub-deebii barreffamaafi afaniikennuun bay`ee filatamaadha.
- Brsiisoonni, baayyina barattootaafi xiqqeinya wayitii torbanii akka danqaa cimatti kaasan haala mijeffatanii dandeettii barreessuu barattoottaa fooyyessuutu irraa eegama.
- Suuperviyyizerooniifi hooggantonnimanneen barnootaa baarsiisota hunduafhubannoo walfakkaatu uumuun baay`ee barbaachisaadha.
- Barsiisota gidduutti muuxannoo waljijiirraan akka geggeeffamu gochuun baay`ee filatamaa ta`ee kan argamuudha.
- Leenjii hojiirraabarsiisotaaf akka kennamu gochuun baay`ee murteessaadha.
- Barsiisota mana barumsaa adda addaarraa barsiisan gidduutti muuxannoo wal jijiirraa geggeessuun hoggantoota manneen barnootaa irraa kan eegamuudha.

Wlumaa galatti rakkoon mul'ate kun dandeettii barreessuu barattootaa fooyyessuuf danqaa guddaa ta`uu kan danda`uudha. Innis dandeettiin barratoonni barreessuu irratti qaban yeroo yerootti akkaataa barbadameen madaalliidhaan sakatta'amaa hin deemamu taanan barattoota dandeettii barreessuu gaaarii qaban horachuun baayyee rakkisaadha. Barsiisaan madaalliidhaan gaafa dandeettii barattoota isaa sakatta'aa deemu mala ittiin dandeetti barattoota isaa cimsu jijiirraa deemuu danda`a. Kanaaffiyuu yaada furmaataa armaan olitti eerame kana qaamni dhimmi kun nailaallata jedhu of itti fudhatee itti hojjechuun dandeettii barattootaa fayyessuuf hojiiechuun baay`ee barbaachisaadha.

Wabiilee

Adunyyaa Barkeessaa, (2010) *natooyaaad-rimee caasluu Afaan Oromoo*, Finfinnee oromiyaaArega Mamaru,(2014),Class room Assessment Manual For primary and secondary school

Teachers.Natinal Educationl Assessment and Examination Agency. Addis Ababa:Et.

Atkins j,Hailon,Band nuru, M.(1996) *skill Development methodology*

(partz),Department offoriegn Language and literatur Institute .of language studies

,Addis Ababa Enhancing the learning children from divers language university
priting press

Ball,J,(2010),*Ehancing the learning of children from divers language back grounds :*

Mother tongue based Bilingual or multilingual education in early child hood and
early primary school years. University Of victori,UNES co

Baqqaleech, (2012) *Qaaccessa haal a Raawwii Shaakala Madaallii walitti dandeettii Afaan Oromoo irratti xiyyeffate*. Godina Shawwa Kaabaa magaalaa Fiichee

Brown,H.D.(1993).*Principles of language learning*.London.prentice Hall.

Boggaalech, (2012) *Qaaccessa haala Raawwii Shaakala Madaallii Walitti Fufaan Dndeettii Afaan Oromoo Basiisuu Sawwaa Kaabaa magaalaa Fiichee*

Bumidele A .F.and Benjamin T.A.(2016).*continues Assessment practice of secondary SchoolTeachars Osun state,Nigeria Journal of psychology Behavior Science Vol.4.No.1: June 2016 PP .44.55*

Byrne.D.(1988).*Teaching writing skills*.Lndi Long man Group Ltd.Cohen.A.and C,Caralacanti.

_____(2007),*principles of L anguage Learning teaching*.Londen.Prentice Hall

Corder,S.P.(1974),*Error Analysis.InJ.P.B.Allen and S.P.Corder(eds.) Techniques in Applied Linguistics (The Edin burgh course in Applied Linguistics:3)*.London:
Oxford University press.

Curzon,l, (1990).*Teaching in Further Educational An oline of principles and Practices(4thed)* London Cassel Education LTD

Dastaa Dassaaleny(2013).*Bu`uura Qorannoo*,Finffinnee:Far Est Trading PLC.

Denscombe,M, (2007).*The Good Research Guide for smaall-scale social research projects (3rd education)* MC Grow Hill openuniversitypress.

_____(1997).*SLA research and Language teaching, pp 15-20*.oxford: university press.

- Eun-py,L.(2002).*Error analysis on medical students "Writing*.Eulji University,school of Medicine.Accessed on:18/03/2017.Retrieved
- Flwer,L,(1979),Writer Based pros:Acognitive basis for problems in writing, college English,41(!)
- Freedman,s,(1087). Response to student writing Urbanali:National council f teachers of English.
- Earl and katz,(2006)
- Geetachoo Rabbirraa.(2009).*Furtuu Seerluga Afaan Oromoo*.Kuraz international pulishing Enterprise.
- Glencoe.(1996),*Grammar and composition,writer's choice*, printed in Errors in language learning and use Exploring error analysis USA.
- Hasyin,S.(2002).*Error analysis in the teaching of English*,(1),pp 42-50.
- James,C.(1998).*Errors in language learning and use.Exploring error analysis*.Long man, London-New York. Accesed on:5/10/2016. Retrieved from :www.Springer link.Com/inaex/qlm 7784 588 us 1680.pdf.
- John.W.and James,V.(2007).*Research In Education*.New Delhi :Prentice-Hall of India private Limited.
- Joshua A,(2017).*Continuos Assessment for Improved Teaching andLearning:Acritical Review to Inform policy and practice*.IBE/2017/WP/CD/13.In progress Reflection No.13
- Knoch.U.(2011).Rating Scales for Diagnostic Assessment of writing:What should they look like and Where should the criterion come from? Assessing writing
- Misganu Gulummaa(20011).*Kattaa:ogummaabarreessuu*.Finfinnee,Efficientprinting press
- Nitiko A.J (2004) *continuous Assessment and performance Assessment*. Retried.
- Mar.11.2016 from <http://www.moec.gov.jm.pdf>.
- Nxumalo,z,f.(2007),*The Role of continuous Assessment in primary school*.University of zululand Master`s dissertation].<http://uzs.pace.uzulu.ac.za/handle/10530/53> (accessed 7 may 2018)
- Richards.J.C.and reand adya.WA, (2002).*Methodology in Language Teaching*.United States of America: Cambridge University press.
- Tolosa (2008) *Xiinxala Shaakala Madaallii walitti fufaa Dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu irratti xiyyeefate*.Kolleejjii barsiisota Roobee
- USAID, (2003).*Continuous Assessement*.EQ Review,1(1),1-3.Retrieved from

http://www.equip_123.NET/EQ Review/1_1.pdf, on March 25,2017

Yiheyis seyoun and getachw seyoun(2014).*The Implementation of continuous assessment in writing Class of the Jimma college of teachers Education.*VOL. 10 No 1

Dabaleewwan

Dabaalee ‘A’

YUUNIIVARSIITII JIMMAAKOLEEJJII SAAYINSII HAAASAAFI HIYUUMAANITIITTII
MUUMMEEBARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBAARUUF DHIYAATE

Afgaaffii Barssiisotaaf Qophaa’e

Gaafannoон kun barsiisota sad. 2^{ffa} kutaa 9-12 Afaan oromoo barsisan, warreen iddattoof filataman kan ilaalatuudha. Kaayyoон qorannoo kanaa itti fayyadama madaallii walitti fufaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumsaa Bojjii Dirmajii: xiyyeffannoон dandeettii barreessuu kan ta`e qaaccessuudha. Odeeffannoон sirraa argadhus, hojii qarannoo kanaaf qofa kan ooluudha. Kanaaf bilisa ta`uun gaafannoо kana akka naaf deebistu kabajaan sigaafadha.

Galatoomaa!

1. Adeemsa madaallii walitti fufaanDandeettii barreessuu barattoota keessan barsiisuuf mataduree dandeettii barreessuuf ta`u attamiin karoorfattanii jirtu?
2. Adeemsa madaallii walitti fufaan mataduree dandeettii barreessuu barsiisuuf ta`u kan karoora keessanirraa qabdan attamiin hojiirra oolchaa jirtu?
3. Adeemsa madaallii walitti fufaa keessatti hanqina barattoonni barreessuu irratti mul`isaniif, duub-deebii attamii laattuuf?
4. Adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu barattoota keessan akka hin barsiifneef wantoonni danqaa isinitti ta`an maalfa`i?

Dabalee B

YUUNIIVARSIITII JIMMAA KOLEEJJI SAAYINSII HAAASAAFI HIYUUMAANIITIITTI

MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBAARUUUF DHIYAATE

Af-gaaffii barattootaaf Qophaa'ee

Gaafannoonaan kun barattoota kutaa 9-12 iddattoof filataman qofa kan ilaalatuudha. Kayyoonaan qorannoo kanaa itti fayyadama madaallii walitti fufaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 mana barumsaa Boojjii Dirmajii dandeettii barrarressuuxiyeeffate qaaaccessuudha. Odffannoonaan isin naaf laattan hoii qorannoo kanaaf qofa kan ooluu dha. Kanaaf bilisa ta'uun gaafannoonaan kana akka naaf deebiftuuf kabajaan sigaafadha. Galatoomaa

1. Adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii barreessuu isin barsiisuuf barsiisonikeessan attamittini karoorfatanii jiru?
2. Adeemsa madaallii walitti fufaan, mata-duree dandeettii barreessuuuf ta'u, qopheeffatanii kan karoora isaaniirraa qaban barsiisonni keessan attamittiin hojiirra oolcaa jiru?
3. Wantoota barreessitan, daree keessatti imoo, manatti, barreessitanii dhuftu?
4. Barsiisonikeessan, wanta isin waraqaa irratti barreessitan, gaafa manatti fuudhanii galan, duub-deebii irratti barreessanii isiniif deebisuu?
5. Hanqina isin dandeettii barreessuu keessatti mul`iftaniif, duub-deebii attamiitu isiniif kennama?
6. Adeemsa madaallii walitti fufaan dandeettii bareessuu barsiisonni keessan akka isiniin hin barsiifneef, wantoonni danqaa ta'an maalfa`i?

Dalee C

YUUNIIVARSIITII JIMMAA KOLEEJJI SAAYINSII HAWAASAFI HIYUUMAANIITIITTI
MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBAARUUF DHIYAATE

Qormaata barattoota madaluuf barsiisonni mana barumsaa Bojjii Dirmajii
qopheessan.

M/B/B/Dirmajii sad.Lammaffaatti Qormaata G/Galeessaa Sem.2^{ffaa} Afaan Oromoo
kutaa 9ffaa bara 2014

Maqaa _____ daree _____ lakk._____

I.Bakka siif kennname irratti hima sirrii ta`e dhugaa kan dogoggora ta`e soba jedhii deebisi.

- ____ 1. Gochibsi hima keessatti gocha ibsuuf tajaajila.
- ____ 2. Antimni kan gocha himichaa raawwatuudha.
- ____ 3.Henna keessa murannaan gocha fuula duratti raawwatamuuf murtaa`etokko agarsiisa.
- ____ 4. Henna murannaalaa gocha fuulduratti raawwatamuuf shakkamu tokko ittiin agarsiisuudha.

II. Bakka duwwaa armaan gadii guuti

- 5."Inni kubbaa taphachuu jaallata, hima kana keessatti mathimni ____ anthimni ____ dha.
- 6. Caaltuun _____ haadha ishee midhagduudha. Wal qabsiistuun bakka duwwaadhaaf galu kam?

III. Hiikaa jechootaa armaan gadii walitti firoomsi

“A”

- _____ 7.Dhamaatii
- _____ 8.Fonqolchuu
- _____ 9. Leellisuu
- _____ 10.Gurmaaye

“B”

- A.Mijaaye
- B.Faarsuu
- C.Ifaajuu
- D.Diiguu

E.Kaarmaa

IV/ Deebii sirrii ta`e fildhu

_____11.Konkolaatichi galagale,_____, namni tokkollee hiduune.A.yookiin B. garuu C. B. fi D. waan

_____12. Inni ni deeme ta`a. Himni kun hima A.Murannaala B Hammeennaa C. Tarsiqaan

_____13. Jechi gochibsa yeroo ta`e kam? A.har`a B. suuta C. baayyee D hunda

_____14. Jechi gochibsa sadarkaa kami? A. bay`ina B. hatattama C. kaleessa D. hunda

_____15.Tolaan akka fardaa fiiga. Jechi jala sararame jecha____ dha. A. durduubee B. wal-qabsiistuu C.fiomsee D. hunda.

Maqaa_____ lakk_____ Daree_____

Mana BarumsaaB/Dirmajii sada.2^{ffaa} Qormaata Afaa Oromoo Mid Exam sem 2^{ffaa} bara 20014.

I. Hima sirrii ta`e “dhugaa” kan hin taane immoo “soba” jedhii deebisi.

_____1. Firomseen adeemsa jecha haaraa uumuu keessatti hundee ta`uu hin danda`u.

_____2. Afaan Oromoo keessatti gochimni matima qeenxee waliin galuufi mathima danuu waliin galu garaa gara.

_____3. Himooni callaan gaaffii hima ijoorratti ka`aniif deebii kenuu.

_____4. Finfinneen magaalaa bareedduudha kan jedhu yaada haqaa agarsiisa.

_____5.Antimni qaamolee himaa keesaa tokko ta`ee, kan gochi tokko irratti raawwatamuudha.

III.Bkka duwaa kennname akka gaafatamtetti deebisi.

6._____Walitti dhufeunya jechootaa yookaan waliin qindaa`ina garee jechotaa irraa kan ijaaramu ta`ee ergaa guutuu dabarsuu kan danda`uudha.

7._____ Yaada yoomuma, eenyuma biratti eessattuu dhugaa ta`eedha.

III.Jechoota roga “A” jala Jiran kan Roga ‘B’ Jalaa waliin walitti firoomsi.

“A” “B”

- | | |
|-----------------------|-----------------------|
| _____ 8.Hima himamsaa | A. Gababduu |
| _____ 9.Firoomse | B. Hatattamaan |
| _____ 10.Hima ajaja | C. Tapha kana dhabi |
| _____ 11. Gochibsa | D.Jala |
| _____ 12. Maqibsa | E. Inni dabtara bite. |

F. Gochibsa

VI Qabee deebii sirrii qabatee jiru filachuun bakka duwwaa kennname irratti guuti

_____ 13 Tolasaan obboleesakooti. Hima kana kessatti kan jala murame:

- | | | | | |
|---|--------------------------------|------------------------------|-----------------------|------------|
| _____ A. Gochima gocha agarsiisu | B. Gochima walitti firoomsituu | C. Gochima ta`umsa agarsiisu | D. Gochima darbeeyyii | |
| _____ 14. Kitaaba abdoof_kenni kan jala murame maal ibsa? | A.Sababa | B.Abbummaa | C. Akektuu | D. Mathima |

15. Konkolaatichi gara gale: _____, namni tokkollee hiduune.

A Garuu B Yookaam C Kanumarraa kauun D. Waan kana ta`eef

_____ 16. Walqabsiistuu yaada faallaa kan ta`e kam? A Garuu B Kanaa achi C Yookaanis D Hunduu deebiidha.

_____ 17. Inni kitaba dubbise. Kan jala murame A. Mathima B Gochima C Anthima D Ibsa xumuraa

18 ____nyaataa jiru ____ kolfee ffi fe`ame. A Osoo/ immoo B. Waan/ yoo C. Osoo/ waan D. Osoo/Yookaan

V. Gaaffii siif dhiyaate akka gaafatamtetti deebisi

- | |
|---|
| _____ 19. Mucaan laaqana nyaate gochima hima kanaa addaan baasii barreessi. |
| _____ 20. Inni kitaaba dubbise. Anthima hima kanaa barreessuun agarsiisi. |

M/B/B/D/Sad.2^{ffaa} Qormaata G/ Galeessaa A/ Oromoo kutaa 11^{ffaa} Sem. 2^{ffaa} Bara 2014

Hima sirrii ta`een “dhugaa” kan sirrii hn taaneen”soba” jedhii deebisi.

_____ 1. Diigalli “Gadaa Oromoo” jedhu jechoota lama irraa waan ijaarameef hiikaa lama qaba.

- 2. Heennaa jechuun yeroo danaa gochimaan ibsamu jechuudha.
- 3. Galeen hima keessatti akka qaama tokkootti ibsama jechuudha.
- 4. Gochimoonni faal darbeeyyin anthima kallattii qabu.
- 5. Gocha darbeeyyi keessatti gochi raawwatame anthima irratti hafa.

Jechoota armaan gadii hiika isaaniitiin walitti firoomsi.

- | ‘A’ | “B” |
|--|---|
| <input type="checkbox"/> 6. Odaa jala jiru | A. Yaada fixachuu durbummaa dhabu |
| <input type="checkbox"/> 7. Eebba waqaqaa | B. Ni goyyoomse |
| <input type="checkbox"/> 8. Gaafa base | C. Ni aare |
| <input type="checkbox"/> 9. Gurra mure | D. Dheekkamsa |
| <input type="checkbox"/> 10 Sabbata hiikkachuu | E. Maqaa ballesse |
| Qabee deebii sirrii qabu filadhu | |
| <input type="checkbox"/> 11. Gosa barruu keessaan kan namni barate qofti itti yaada iaa ibsachuu danda`u kami? | A. Walaloo B. Asoosama. C. Hololoo D. Afic |
| <input type="checkbox"/> 12. Himoota armaan gadii keessa hennaa amsiiqaa kan mul`isu kam? | A. Inni ni sirba. B. Inni kolfaa jira.C. Isheen gabaa deemte. D. Isheen heerumuuf |
| <input type="checkbox"/> 13. Himni gochim darbeeyyi mul`isu kami? A. Mucaan rafe B. Manni ijarame | C. Tolaan hoolaa qale D. Hunda |
| <input type="checkbox"/> 14. Hiikni jechama “bishaan taasise” jjedhu kami? A. Ni milkeesse | B. Naasise C. Salphise D. Afic |

Ibsi (6 %)

Wabeen guutee ardi mara fixe

Osoon daakuu baadhee silaa jala lixe

Jecha dachaa _____

Soorgoo _____

Sookoo _____

Dabalee D

YUUNIIVARSIITII JIMMAA KOLEEJJI SAAYINSIIFI HIYUUMAANIITIITTI

MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBAARUUUF DHIYAATE

Mataduree dandeettii barreessuu barattootaa barsiisuuf barsiisonni mana barumsaa Bojjii

Dirmajii karoora isaanii irratti qabatanii dhiyaatan kanneen armaan gadiitti mul`atan kanaadha.

Isanis:

Seenaa jirenyaa

Faayidaa barnootaa

Miidhaa hongeen fidu

Xalaya dhuunfaa

Xlayaa odeeffannoo

Xalaya iyyannoo

Balaabiddi geessisu

Keeyyata amansiisaa

Waraqaa Mirkaneeffanna

Ani qorataan/ qorattuun maqaankoofi mallattoonkoo armaan gaditi eerame, qorannoон kun hojiikoo ta`uusaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoо eebbaaf hidhiyaanne ta`uusaa nan mirkanessa.

Maqaa_____

Mallatoo_____

Guyyaa_____